



# الرِّسْكَةُ

الأُسُسُ الشَّعْيَّةُ وَالدُّورُ الْإِنَمَائِيُّ وَالتَّوزُّعِيُّ

أ.د. نعمت عبد اللطيف

## ZAKAAN BU'UURA SHARI'AATTI:

Ga'ee Misoomaa fi Qabeenya Raabsuu Keessati Qabdu

Qopheessaan:  
Prof. Ni'mat Abdullaxiif

Hiikaan:  
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018

**الزكاة: الأسس الشرعية والدور الإنمائي  
والتوزيعي  
د. نعمت عبد اللطيف**

**Zakaan Bu'uura Shari'aati  
Ga'ee Misoomaa fi Qabeenya  
Raabsuu Keessati Qabdu  
Qopheessaan:  
Dr: na'mat Abdullaxiif**

**Hiikaan:**  
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri  
  
*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al  
Fikiriitiif Seeraan Eggamaadha  
Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C*

**DF-E-TrBs-18/59**

Jalqaba kitaaba barbaachisaa kanaa irratti wanti itti akeekuun barbaachisu Kitaabichi kun waraqaa sadarkaa doktoorummaa (PhD. thesis) argachuuf barreeffame yeroo ta'u qabxii baay'ee baay'ee gaariidha (Excellent) jechuun eebbfamee akka maxxanfamus eeyyama argate. Dhaabbanni addunyaawaa Xiinxala Islaamaa barbaachisummaa isaa irratti dammaquudhaan dhaabbata Yuniversitii kan qo'annaa, maxxansaa fi raabsaa Bayruut wajjiin ta'ee maxxansuudhaan kabaja dursuu argate.

Kitaabota akkanaa maxxansuu fi raabsuu irratti hirmaachuun kaayyoo dhaabbata adunyawaa kan xiinxala Islaamaati malee kun qofti kan kophaa argame miti.

Dhaabbatichi erga jaarraa digdammaffaa kurna saddeettaffaa <sup>(1)</sup> keessa hundeffamee eegalee qo'annaa saayinsawa jabeessuu fi barnoota raabsuu irratti bobba'ee argama. Kanaan wal-qabatee dameelee inni irratti xiyyeffatu keessaa tokko qo'annaawan (research) barattooni sadarkaa Maasterii fi PhD argachuudhaaf galma'an, kan barattoota irratti jajjabeessuun ni mala jedhee yaaduuf karoora qopheessuudha. Yuniversitiwwan biyyoota Islaamaa garaa garaa keessa jiran wajjin wal-gargaaruudhaan qo'annoowwan akkasii ilaalee kan gaarii ta'e raabsa. Dhaabbanni Xiinxala Islaama Addunyaa Koonfaransiwwanii, wal-gahii barnootaa, gaaffii fi deebii qo'annaa hedduu taassisee jira.

Qo'ataan tokko *weeb saaytii* “*al-Markaz al-Diraasaat-al-Ma'rifiyyah*” kan Kaahirootti argamu, kan hojiwwan beekumsa

---

<sup>(1)</sup>**Kurna-** jechuudhaan lakkofsa kudhan kudhaniin qoodame (10, 20. 30...90), kan afaan Ingiliffaatiin “decade” jedhamu barbaadeeti. Jaarras digdama Kurna saddeet jechuun naannoo 1980<sup>ffa</sup> keessa jechuudha

Islaamessuu irratti hojjatuu fi bifaa barreeffamaa fi mul'attuu taateen inni dhiheessu irra seennee yoo ilaale waan baay'ee arga. Namni weebsaaytii kana ilaale qo'annaa (research) naannoo 63, koonfaransii fi wal-gahii 54, akkasumas simnaarota 81, madda beekumsaa 71, sochii barnootaa 137 kan gadi fageenya damee barnootaa garii fi kan dameelee barnootaa birootiin wal-guuttu fi wal-qabattu of keessatti qabate arguu danda'a.

Kana irraa wanti dhaabbatichi raabsu dameelee barnootaa beekamaa hunda of keessatti hammata. Dameelee barnootaa jajjabeesuu barbaaduuf immoo dursa kenna. Isiin kun ummata ergaan Muhammad isaan ilaallatu hundaa fi warra ergaa sana fudhate keessatti dhukkuba namummaa gadi fageenyaan qorachuu irratti xiyyeeffatti.

Haaromsaan wal-qabatee wantoota dhaabbatichi raabsu keessaa akka fakkeenyatti yoo fudhannee ilaalle: *Nahwa ilmil-iinsaani assiyaasi-binaa'u mafhuumi al insaani filmanzuuril-Qur'aani-al-Kixaab al-Arabii al-Mu'aasir:qiraa'atun naqdiiyatun fi mafaahim al-Nahdati, wa attaqaddumi wal-hadaasati, Daliilu attadriibi al-Qiyaadii-Daliilu maktabi al-Usrati al-Islaamiyyah-siyaagatu al-Uluum al-Ijtima'iyyati siyaagata Islaamiyyatan, - Uluum ashar'I fil-jaami'aat: al-waaqi'u waxxumuuhu, attawjiihul-Islaamii lil-Kidmatil ijtimaa'iyyati-al-Aqdiyyati wassiyaasati.*

*Ma'aalimun nazariyyatun aammatun liddawlati al-Islaamiyyati-Ususu al Minhaji al-Qur'aaniii fii bahsi al-Uluumi attaxbiiqiyyati- qadaayaa la-Minħaajiyiyyati fii al-Uluum al-Islaamiyyati wa al-Ijtima'iyyati- Nahwa minħajiyiyyatin li atta'aamuli ma'a masaadir attanziir al -Islaamii bayna al-*

*Muqaddamaati wal- Muqawwamaati- ishkaaliyyatu attahayyuzi: ru'uyatun ma'rifiyyatun wa da'watur lil ijtihaadi-dawratu al-Minhajiyati al-Islaamiyyati fi al-Uluum al-Ijtimaa'iyyati: Haqlu al-Uluum assiyaasati namuuzaajan-Usuulu attarbiyati al-Islaamiyyati- Ilmu annafsi fi atturaasi al-Islaamii-Mawsuu'atu attanshi'ati assiyaasiyyati- Mawsuu'ati al-Qisasi attarbawiyyati li ashabaabi-Maqqaasidu ash'harii'ati al-Islaamiyyati: Madkal Imraanii.*

Piroojeekti qo'annaa dhaabbatichaan raawwatame keessaa immoo: *Mashruu'u al-Alaaqaati addawliyyati fil-Islaam* (amantii Islaamaa keessatti hariiroo idila addunyaa) fi Piroojeekti *Attanshi'atu assiyaasii fi al-Manzuur al-Islaamii* (Hundeffama siyaasaa akka ilaalcha Islaamaatti). Piroojeekti maxxanfamee raabsamuudhaaf qophii irra jiru keessaa immookutaa lammaffaa: *Binaa'u al-Mafaahiim* (*ijaarsa hubanno*) kan jedhuudha.

Dhaabbatichi koonfaransiwwan, kora marii fi leenjiwwan adaddaa kophaa isaatii fi Yuuniversitiwwan Gibxii waliin ta'uun ni qindeessa. Akkasumas Yuuniversitiwwan biyyoota Arabaa kan Jordaan, Suudaanii fi biyyoota Dhiha Arabootaatti argaman waliinis ni hojjata.

Dhaabbatichi qo'annoowwan ummataaf barbaachisummaa qaba jedhu irratti karoora qopheessuudhaan qo'attoota irraa nama filateef qajeela akaadaamii fi gargaarsa yeroof. Kun immoo maddeen qo'annaa irratti isa barbaachisu mana kitaaba dhaabbatichaa irraa dhiheessuufi ykn dhaabbata qajeelcha akkaadaamii kennituuf isaaf dhiheessuun gargaara. Akkasumas qo'annoowwan kanneen gaarii ta'an ni maxxansa.

Qo'anno akkaadaamii gargaaruu fi maxxansuu keessatti dameewwan dhaabbatichi keessatti shoora taphate keessaa: piroojekti qo'anno Yuniversitiitiif qajeelcha kennuu, piroojekti qo'annoowwan Yuniversitii (researches and thesis) kan barnoota dabalataa kennan maxxansuu fi raabsuufaadha.

Ammas dhaabbatichi Yuniversitiwwan Gibtsii (Masrii), Ordon, Suudaanii fi Morookoo wajjin wal-gargaaruudhaan koonfaransii, siimbooziyemii fi wal-gahii leenjii galma isaa isaaf keessatti kenna. Qo'annaawwan haaraa inni bara kana baase keessaa: *min dabiyyaat Islaamiyyati al-Ma'rifati, Tadriisu Minhaajiyiyati al-Qiraa'ati al-Jaami'ati lishabaa al-baahisi*, sagantaa: *al-Maqra'tu al-ma'rifiyyati, Qiraa'atan fii a'maal Islaamiyyati al-ma'rifati;* ammas piroojekti: *Rahiiqu Islaamiyyati al-ma'rifati: Ta'miiqu Mahaaraati attalkiis attawhiidii.* Qorannoowwan kunis barruulee Dhaabbanni Addunyaawaa kan Xiinxala Islaamaa waggoota 35f qopheessaa ture ibsa.

Dhaabbaticha (jiddu galicha) kana keessa kitaabban hambaalee fi maddoонни haaraan dameelee barnoota adda addaa hunda irratti qopha'an. Manni kitaabaa kunis yeroo hunda haaromsama. Qo'attoota hundaaf torbanitti guyyoota shan sa'atii **3** hanga galgala sa'atii **11** tti banamtuudha.

Jiddu galichi mana barumsa dargaggoota qo'annaa geggeessanii hundeessuu irratti xiyyeffata. Kaartaa dubbisa dabeeega. Addummaa dubbisa walitti qabduu eega. Kaartaa dubbisoowwan baddee walitti qabata: dubbisa natti-dhufee (kanuma namatti dhufee fi akkuma namatti dhufetti dubbisuu), dubbisa alaa, dubbisa lakkoofsaa kan ilaalcha tokkoo, dubbisa

adda baasuu, dubbisa gabaabduu (*al-Jaanihaa*) fidubbisa *al-Almaanii (amantii fi biyya addaan baasuu)* eega.

Faallaa kanaa kaartaa dubbisa walitti qabattuu of keessatti hamatti: dubbisa akka galumsaa fi wal-biratti ilaaluu, dubbisa walitti qindoomuu, kan sammuu (*al-Aqlaaniyyah al-wujdaaniyyah*), dubbisa *attarshiihiyyaa, atshriihiyyaa*, dubbisa rakkoo arguu dandeessistu, dubbisa waa irraa saaqxu, dubbisa waa adda baastu, dubbisa hubannoo ijaartu (eegdi/kunuunsiti).

Jiddu galichi kallattiawan xiinxala ilma namaa hundaaf banaa ta'uutti xiyyeffata. Mallatoo ijaarsa ilma namaa hundeessuuf tattaafata. Waan kana irratti akeeku keessaa tokko hubannoonaan “Barnoota Islaamessuu” dubbisa lameen (kan *Wahyii/amantii fi kan uumama qabatamaan argamuu*) irraa gara dubbisa walitti qabattuutti sochoo'uudha.

Dubbisni walitti qabamaan kunis kitaaba “*Jaami'u asharqi wal-garbi*” jedhamu kan Munaa Abul-Fadli qopheesse keessatti dagaage.

## Dursa

Qo'annaan Kun <sup>(2)</sup> kutaasadii irratti hundaa'e.inni duraa: Zakaa, misoomaa fi Raabsaa qabeenyati. Innis boqonnaa lama of keessatti qabata. Isaanis: barnoota Zakaa, Hubannoo/hiika misoomaa fi hiika raabsuun diinagdee Islaamaa keessatti qabuddha.

Kutaa lammataa immoo: jijirama zakaan wal-horsiisuu (misoomsuu) keessatti qabuudha. Innis boqonnaalee sadii of jalaa qaba. Isaanis: zakaa fi madden galii isaa jijiirama kallattii kan zakaan sadarkaa si'aa'ina/sochii diinagdee keessatti qabuu fi jijiirama al-kallattii kan dagaaginni qabeenyaa sadarkaa si'aa'ina/sochii diinagdee keessatti qabuudha.

Kutaasadaffaa fi kan dhumaan immoo mata dureen isaa: jijiirama zakaa raabsuun qabu jedha. Innis boqonnaa lama qaba. Kan duraa mata dureen isaa 'Zakaa fi hanga namaaf gahu (*haddul-kifaayah*) guutuu' jedha. Kan lammaffaa immoo 'Zakaa fi wal-gargaaruu hawaasummaa' jedha. Maddi kitaabaa fuula soddomii sadii gaha. Maddi isaa kan Afaan Arabiffaa 262, kan afaan alagaa immoo 118.

Qorannichi barruu nama beekaa al-Gazaalii jedhamuutiin eegala. Innis akkana jedhe: akka ani beekutti Mootummaan Madiinaa al-Munawwaraa biyya dura haqa hiyyeeyyii eeguudhaaf jecha namoota zakaa dhoowwatan irratti lola labsiteedha. Zakaan yeroo dureessa irraa fuudhamtee hiyyeessaaf kennamtu qofa osoo hin taanee seera jiruu hawaasummaati. Nama

---

<sup>(2)</sup>Zakaa: Bu'uura Sheri'aa, Ga'ee Wal-Horsiisuu Fi Raabsuu, Dr. Ni'maa Abdullaxiif Mashur, Kaahiroo, Markaz Saalih Kaamil li al-Iqtisaad al-Islaamii, 2005

hojii dhabeef akka gargaarsa battalaattifayyada malee nama taa'icha filateef hin fayyadu. Zakaan dureessaafis ta'ee nama fayyaa qabu, kan hojjatachuu danda'uuf hin eeyyamamtu.<sup>(3)</sup>

Barnoota zakaa keessaa tokko hundee qabeenya/kaappitaala argachuu fi madda galii isaa iraa zakaa baasuu bololuudha. Hanga rakkataan naannoo Sanaa irraa of-gahutti bakka irraa walitti qabamte irraa bakka biraat hin geeffamtu. Erga jarri (isaan) irraa of-gahanii booda bakka biraat geessuun ni danda'ama. (Fuula1-7)<sup>(4)</sup>

Qo'annichi waa'ee qabxiwwan wal-keessa seentuu fi walitti dhihaattuu dubbata. Mata dureen isaa akka armaan gadii ta'uu danda'a: sababoota furmaata diinagdee warra dhihaa, hiika hubannoo zakaa, hiika addummaa diinagdee Islaamaa, hubannoo wal-horsiisuu (misoomsuu) fi raabsuu, hubannoo raabsuu akka xiinxala seera nam-tolchee fi akka xiinxala Islaamaatti, jijiirama zakaan hedдумmeessuu keessatti fiduu fi jijiirama zakaa raabsuun fidu.

**Kan duraa:** Hiikaaa sochiin diinagdee gufachuu: Qo'annaan kun sochii diinagdee kan biyyoota sadaffaa (warra reef guddataa jiranuu) kan yeroo lola addunyaa lammaffaa irraa hanga ammaa irrattifuulleffata. Sababaa kufiinsa isaa ibsa. Innis waan irra yaachisaa-ilma namaa- dhiisanii qabeenya/faaydaa

---

<sup>(3)</sup>Aliyyi al-Qaariin "Hin eeyyamamtuuf" jechuun guutummaan guutuutti hin eeyyamamuuf, ykn kadhaadhaan hin eeyyamamuuf jechuudha jedhe. ibni Maalik "Zakaan nama qaamni isaa fayyaa, kan waan isaa fi maatii isaa gahu carraaqqachuu danda'uuf hin eeyyamamu" jedhe. shaafi'iinis akkanuma jedhan.

<sup>(4)</sup>Maddi isaa tokko waan ta'eef. akka kanatti dhuma barruutti (text) fuula isaa barreessina.

irratti xiyyeffachuudha. Sababa kanaafsochiin diinagdee misoomsuun duubatti.

Haala guddina biyyoota warra eeshiyaatiin ala piroojektiileen misoomaa gufattee jirta. 3/4n kan lafa irra jiruu rakkoo boodatti hafiinsaa keessa jira. biyyoonni guddinaan boodatti hafan fakkeenyaa ijaarsaa kan ilaalchaa fi haala jiruu jaraa wajjiin wal-simatu barbaaduu irratti kanatu raga bahe. Hedduun biyyoota boodatti hafanii kun biyyoota Islaamaa keessatti argamu. Islaamummaan fakkeenyaa waa hedduu hammatu, kan of danda'iinsa mirkaneessu namaaf dhiheessa. As irraa ka'uun hir'ina beekumsaa kan badhaadhina wal-ga'aa fi waaraa mirkaneessuuf zakaan kennamtu irratti xiyyeffachuun dhufe (F. 9-13).

### **Kan Lammaffaa: Hubannoo Guddina Diinagdee Akka Ilaalcha Warra Dhihaatti.**

Hubannoona dagaagina diinagdee warra dhihaa ilaalcha walii gala fi kan madda *almaaniyyotaa* (*secularist*) irraa ka'a. kan asii gadii keessatti mallatoowwan guddina diinagdee akka ilaalcha warra kanaatti ilaalla:

#### **A. Hubannoo Guddina Diinagdee Akka Ilaalcha Warra Dhihaatti:**

Beektonni diinagdee warra dhihaa (*economists*) akkana jechuudhaan guddina diinagdee ibsu: galiinbiyyaa baay'ina lakkoofsa ummataa caalaa dabaluu mirkaneessuuf jecha maddoota fi kan uumamaa fayyadamuudhaan haala gahaa fi wal-

gahaa ta'een akka galiin nama dhuunfaa guddatu gochuuf tattaafachuudha.

## **Warri Dhihaa Fakkeenya Dagaagina Fiixa Bayanii Ibsanii Jiran. San Keessaa:**

**1) Fakkeenya Ingilizii:** fakkeenyi kun karoora gabaa bilisaa irratti hundeffame. Haa hojjatuu dhiisi, haa dabruu dhiisi. Dhuma irratti kan murtii kennu harka qabaa dhokataadha (invisible hand).kaappitaalizimiidhaaf ka'umsa duraa taate. Kana jechuun Kaappitaalismii daldalaajechuudha. Kaapitalisimii warshaaleetu itti aane. Sababoota baay'eetu fakkeenya diinagdee kanaa milkeessuuf wal-gargaare. San keessaa: yeroo jaarraa lama fudhatuuf suuta suutaan deemuu isaatii fi wantoonni meeshaalee dheedhii, naannoон hin omishamne kan gulantaa jiddu galeessaa, galmeecol'ee fi leenjifamtuun guutamuutu ganamsachuu fi qabeenyi kaappitaalistoottaa (abbootii qabeenya) hedduummaachuuf gargaare.

**2) Fakkeenya Jaappaanii:** fakkeenyi kun kan isa duraa wajjin yeroo wal-bira qabnu ariifataa ta'ee rgama. Kunis namoota galiin isaanii gadi bu'aa ta'e sektara qonnaa keessatti itti fayyadamuu fi abbotii qabeenya hojii irratti bobba'an akka isaan proojecktii omishaa ol-aanaa argamsiisan kan balaa (*risk*) guddaa qabu irratti bobba'an godhuudhaani. Kunis piroojektiwwan ummata kan haala ummata wajjin deemtu irratti hirkachuu wajjini.

**3) Fakkeenya Sooshaalizimii:** Fakkeenyi kun biyya Tokkummaa Sooviyetii durii (Raashiya) bakka bu'a. isiitu

dura eegale. Eeganaa biyyoonti baha Awrooppaa dirqamaan itti aanan. Eeganaa Chaaynaa fi biyyoonti biroo itti aanan. Sirni kunis jiddu galeessummaa fi karooro jiddu galeessaa kan wal-gahaa fi akeeka (karoora): “**Hunda irraayyuu hanga dandeettii isaa, hudaafuu hanga dhimmaa isaa**” jedhu mirkaneessuuf tattaafatanuudha.

Fakkeenyi kun wareegama namaa, siyaasaa fi hawaasummaa guddaa gaafate. Tajaajiltoonni (hoggantoonni) fakkeenya kanaa tooftaa lama fayyadamuudhaan sirna kana jijiiruuf dirqaman. Isaanis: jiddu gala gadi dhiisaa irraa gara jiddu gala moggaatti jijiiruu fi mirga hojii hojjatan irraa bu’aa argachuutiif beekamtummaa kennuudha. Yeroo sababa kufaatii soovi’eet Raashiya duraaniituu sirni kun biyyoota baha Awrooppaa kessatti kufu, garuu Chaaynaa keessatti sirnichi bu’uurota sirna kaappitaalizimii hedduutti fayyadamuudhaan dandamachuu danda’ee jira. (F.97-101)

**B. Diinagdee warra dhihaa osoo hin guddatin dura:** ogganaan Amerikaa Tirumaan lola addunyaa lammaffaa booda hubannoo diinagdee hundeesse. Bara dammaqina Awrooppaa irraa kaasee hanga lola addunyaa lammaffaatti ijoon ilaalcha diinagdee warra dhihaa kan dhaabbate: diinagdee biyyoota dhihaa guddatanii irratti. Haala Kanaan manni barumsa diinagdee dhihaa kan Kilaasikiyyootaa kan adeemsa aadaa durii irratti hundaa’e, Maarkistootaa, Kilaasiktoota haaraa fi Keenz Haawurd, Duumaarii fi Haansiniin goolabamte. Yaanni mana barumsaa Sanaa yaadota bu’uuraa armaan gadii irratti hundaa’e:

**(1) Maaltisii fi Riikaardoon waa lamatu guddina diinagdee gufuu ta'a jedhan.**isaanis: lakkooftsi ummataa ida'uu fi qabeenyi uumaa jiru xiqqachuudha. Jarri kun lamaan yeroo walitti qabaman boodatti hafummaa fi dadhabbina diinagdee fidu. Akka namoonni hedduun sadarkaa of danda'iinsa biratti dhaabbatu (diinagdeen isaanii harkaa gara afaanii ta'u godha).

Maarkistoonni rakkoo kana dura dhaabbachuuuf bifa armaan gadiitiin fakkeenya ta'e: akkuma teknoolojjiin guddaan dhufeen sirna tooftaalee omisha dhuunfaa jijiiruu, guddina diinagdee mirkaneessuuf sirreessa haaraa sana hojiitti hiikuuf ga'umsa qabaachuu fi biyya sabummaa/naannummaa irratti hundoofte irraa gara haala duraaniitti deebisuutti deemuudha.

Warroonni diinagdee adeemsa aadaa duraatiin deeman immoo rakkoo diinagdee kan yeroo gabaabduu furuu, haaromsa, waa kalaqaa, fi ogummaa cimsachuu irrattixiyyeffatu.Maarkis gadi bu'iinsa barbaacha walii gala (wantoonni barbaadamu gabaa irraa hir'achuu) furuudhaaf mootummaan kallattiidhaan siyaasaa qabeenya fi investimentii keessa harka naqachuu qaba jedha. hayyooni diinagdee aadaa haaraan immoo gatiin meeshaa dabaluu kan maallaqni kufuun irratti xiyyeffatan. Kunis waan qaala'iinsi gatii omishummaa yeroo dheeraa dadhabsiisee fi caasaan diinagdee diigamuutti waan geessituufi. (F. 102-103)

**C. Ilaalcha Diinagdee Warra Dhihaa Kan Addunyaa Sadaffaa:** xiinxaltoonni warra dhihaa mataa isaaniitiifuu bakka lamatti qoodaman: gareen tokko fakkeenya (tooftaa) diinagdee warra dhihaa kanniin

guddatanii biyyoota addunyaa sadaffaa boodatti haftuu keessatti itti fufanii hojiitti hiikuu ni didu. Waldhabii jaraa (isaanii) gaaffii barbaachisaa armaan gadii irra naannofti: dagaaginni diinagdee biyyoota Sanaa damee kamiin eegaluu qabdi? Qonnaani moo warshaadhaani. Kan irra bu'aa qabu siyaasaa (tooftaa) guddina dameewwan hunda wal-madaalchisee deemu moo kan wal-hin madaalchisneedhe?

Manni barumsaa sun ilaalcha gara garaa kan guddina diinagdee biyyoota boodatti hafaniin mirkaneessuuf oolu lafa keesse. San keessaa yaada warraaqsa warshaalee, yaada ittisa jabduu, gulantaawwan guddinaa fi ka'umsaa, yaada waa uumuu, yaada utaalcha guddaa gara fuul-duraatti utaaluu fi yaada faana fuul-duraa fi boodaa faadha.

Namni bu'aa jiddu gala diinagdee warra dhihaa- kan biyyoota dhihaa guddataniin wal-qabatus ta'ee kan biyyoota duubatti haftuudhaan wal-qabatu keessatti- salphaatti hir'ina hedduu hubachuu danda'a.isiitu safara (madaala) dhugaa fi ifaadha jedhanii ibsuudhaaf nama rakkisa.rakkoo caasaa, hir'inni maallaqaa guddachuu fi guddinni isaa hir'achuu ibsuu isaa agarra. Haalli jiruu biyyaa biyyatti wal-dhabuudhaaf madaala hin kennine. Ilaalcha gar-tokkee kan tooftaalee omishaa keessaa tokko qofa irratti xiyyeeffatte. Ykn tooftaalee omishaa hedduudhaan hojjatti ta'ee garuu osoo hariiroo tooftaa jidduu isii walitti hin hidhin, wantoota yeroo fi bakka wajjin jijiiraman osoo ilaalcha keessa hin galchin ilaalcha hedдуммина qabeenyaa qofa irratti xiyyeeffatti. Yaaddoo omisha baay'isuu qofatu isaa yaachise. Osoma adeemsi kun garaa garummaa jidduu dureeyyii fi hiyyeeyyii jiru bal'iseellee itti hin dhimmine. (F.103- 107)

## **Lammaffan: Hubannoo Zakaa Ibsuu**

Qabxiin kun dameewwan afur of keessatti hammata. Isaanis:

kan duraa: hiika zakaa, kan lammaffaa: hubannoo qabeenya zakaa keessaa kenuun dirqama ta'uu fi ulaagaalee isaa, sadaffaan: nama zakaan kennamuuf fi afraffaan: seera ittiin nama isiif maluuf raabsamudha.

### **Kunis akka armaan gadiitti dhihaate:**

#### **1. Hubannoo (hiikkaa) zakaa akka hiika afaan**

**Arabaatti:** akka lugaatti hiikni zakaa dabaluu, wal-horuu, faaydaa heddummaachuu, qulqullinaa fi toliinsa. Hiikni kun hiika *sadaqaa* (kan yeroo) wajjin hidhata qabda. Sadaqaan kan yeroo galata Rabbii ol-ta'e irraa argachuuf jecha kennamtuuudha. Isiin immoo dhugaa fi mallatoo jaalalaa wajjin hidhata qabdi. Kennaan zakaa caalaa hiika bal'aa qaba. Garuu waan zakaan ilaalcha Islaamaa keessatti kenna qabeenya qofa osoo hin ta'in yaada kenuus of keessatti qabatuuf hiikni lamaan (kan zakaa fi sadaqaa/kyeroo) wal-fakkaataadha. Haa ta'u malee zakaan yoo hiika isi isa dhiphaa ilaalle dirqama Islaamummaa kan rogoota bu'uura Islaamummaa keessaa sadaffaa irratti argamtudha.

Jechi zakaa jedhu Qur'aana kabajamaa keessatti yeroo 32 dhufe. Sana keessaa yeroo 26 aayata (keeyyata) tokko keessatti salaataa wajjiin walitti qindaa'ee dhufe. Yeroo tokko immoo osoo aayata tokko keessatti hin ta'in galumsa tokko keessatti (wal-faana) dhufe. Jechi "Sadaqaa" jedhuu fi "Sadaqaat" jedhu Qur'aana kabajamaa keessatti yeroo 12 dhufe. Kunis zakaan ibaadaa (gosa gabbarpii) qabeenyaan kan gabbarpii qaamaa wajjiin

walitti hidhata guddaa qabdu ta'uu akeeka. Gabbartiin qaamaa kunis salaataa.salaanni adda baastota jidduu amantoota dhugaa fi fuul-lameewwan adda baasan keessaa tokko. Isiin dirqama Qur'aanaa fi hadiisawwan qulqulluudhaan raggaateedha. Hadiisa Sahiiha (qulqulluu) Bukaarii fi Muslim gabaasan keessatti akkana jechuutu jira:

"**بُنِيَ الْإِسْلَامُ عَلَىٰ خَمْسٍ: شَهَادَةُ أَنْ لَا إِلَهَ إِلَّا اللَّهُ وَأَنَّ مُحَمَّدًا رَسُولُ اللَّهِ، وَإِقَامُ الصَّلَاةِ، وَإِيتَاءُ الزَّكَاةِ، وَصَوْمُ رَمَضَانَ، وَحَجَّ الْبَيْتِ لِمَنْ أَسْتَطَاعَ إِلَيْهِ سَبِيلًا.**"

"Islaamummaan waa shan irratti ijaaramte. (Isaanis) kan gabbaramuun maluuf Rabbiin malee hin jiru; Muhammad ergamaa Rabbiiti jedhanii ragaa bahuu, salaata dhaabuu (salaatu), zakaa kennuu, Ramadaana soomuu fi hajjii godhuu (ka'baa bira dhaquu)dha."

Zakaan haqa qabeenya keessa jiru.hogganaan biyyaa warroota walitti qabamanii humna meeshaa fayyadamuun dhowwata loluuf mirga qaba.kunis akkuma kan yeroo oggansa Ababakir Assiddiiq (RA) argameeti. Akkasumas nama osoo humna meeshaa hin fayyadamin zakaa dhowwatu akka kenu dirquus mirga qaba. Warri zakaa walitti qabanu immoo qabeenya jiddu galeessa fuudhuu qabu.

**Zakaan akka hiika amantiitti:** dirqama qabeenya murtwaa keessa yeroo murtawaa keessatti kennamudha. Nama Muslimaa, bilisaa, kan qabeenya *nisaaba* (hangaa zakaan keessa bahuun dirqama tahu) qabu, qabeenyachi isa biraatti waggaan tokko gahe hunda irratti dirqama. Abbaan amantii (SW) zakaa

kennuu *zimmiyyoota*<sup>(5)</sup> irratti dirqama gochuu dhabuu isaa wajjiin irraa fayyadamuu hin dhowwine. Koonfaransiin qo'annaa Islaamaa zakaan qabeenya warroota dirqama shari'aa hin qabnee kan akka daa'immanii fi maraattotaa keessatti dirqama ta'uun irratti waliif galan. Abbaan qabeenya du'uudhaan zakaan hin hafu. Kafaltii/liqii biraadura buufama. Yoo zakaa irra hafe isumatu kafalama; yookii dhaala hunda irraa kafalama.

## **2. QabeenyaZakaa Keessaa Baasuun Dirqama Ta'uun, Ulaagaalee Isaatiif Gosa Isaa.**

Qabeenyan qabeenya hunda irraa waan ati horattedha. Dhugaa isii yoo ilaalle isiiin qabeenya Rabbiiti. Namni immoo ulaagaa abbaan qabeenya kan dhugaa sun kaa'e guutee akka amaanaatti itti fayyadamuudha.

Zakaan qabeenya armaan gadii keessatti dirqama taati: ziqaaya fi meeta (warqii fi silverii), akkasumas maallaqoota bakka jara (isaan) lamaanii bu'anii tajaajilan, midhaan, firriwan, beeyladoota, qabeenya daldala irraa argame, meeshaalee daldalaa, albuuda dachii keessaa baafamu, damma, qabeenya bishaan keessaa, qabeenya argatamu (horuu abbaa qabeenyichaa biratti wal-horu osoo hin ta'in kan sababa of danda'aadhaan argate. Kan akka yeroo, carraaqqachuu, ogummaa walabaa kan daldalaan alaa, kafaltii fi mindaa), maallaqa waraqaa fi zakaa fixrii faadha. Ulaagaalee isii immoo beektonni Islaamaa addeessanii jiru. asitti tokko tokkoon dubbchuuf ni dheerata.

---

<sup>(5)</sup>Nama muslima hin ta'in kan lubbuu fi qabeenya isaatiif tikaa fi nageenyi kennameefii biyya Muslimaa jiraatu.

Qabeenya keessatti zakaan dirqama ta'uuf qabxiileen armaan gadii ulaagaaleedha: guutumaan guutuutti kan abbaa qabeenyichaa ta'uu, wal-horuu, dhimmoota isaa bu'uraa irraa hafee hanga zakaa keessaa baasuun diqama ta'u gahuu fi abbaa qabeenyichaa biratti wagga guutuudha.

**3. Namoota zakaan kennamtuuf:** bakka zakaan itti kennamtu (namoota isiin kennamtuuf) keeyyata Qur'aana kabajamaa kan Suuraa Tawbaa keessaatti ibsamee jira. Keeyyatichis akkana jedha:

وَمِنْهُمْ مَنْ يَلْمِزُكَ فِي الصَّدَقَاتِ فَإِنْ أَعْطُوكُمْ مِنْهَا رَضُوا وَإِنْ لَمْ يُعْطُوكُمْ مِنْهَا إِذَا هُمْ يَسْخَطُونَ ﴿٥٨﴾  
 وَلَوْ أَنَّهُمْ رَضُوا مَا آتَاهُمُ اللَّهُ وَرَسُولُهُ وَقَالُوا حَسْبُنَا اللَّهُ سَكِينُنَا اللَّهُ مِنْ فَضْلِهِ وَرَسُولُهُ إِنَّا إِلَى اللَّهِ رَغُبُونَ ﴿٥٩﴾  
 إِنَّمَا الصَّدَقَاتُ لِلْفُقَرَاءِ وَالْمَسْكِينِ وَالْعَمَلِينَ عَلَيْهَا وَالْمُؤْلَفَةُ  
 فُلُوْهُمْ وَفِي الْرِّقَابِ وَالْعَدْرِ مِنَ وَفِي سَيِّلِ اللَّهِ وَأَبْنِ السَّيِّلِ فِي ضَكَّةٍ مِنْ اللَّهِ وَاللَّهُ عَلَيْهِ حَكِيمٌ ﴿٦٠﴾

سورة التوبة: 58-60

“Jara irraa nama kennaa keessatti si xureessutu jira. Yoo isii irraa kennaman ni jaallatu. Yoo isii irraa hin kennamin ennas jarri ni jibbu.

Osso jarri waan Rabbii fi ergamaan isaa jaraaf kenne jaallatanii, “Rabbiin keenya nuuf gahaadha, (Rabbiin) sichi arjummaa isaa irraa nuuf kenna, ergamaan isaas. Nuti gara isaa kajeeltota” jedhanii (jaraaf caala ture).

*Sadaqaan/zakaan* hiyyeyyii, harka qalleeyyii, isii irra hojjatoota (warra isii irra hojjatan), warra qalbiin jaraa booharfamtu, gabra (bilisoomsuu) keessatti, warra liqii (*deenii*)

of irraa qaban, karaa Rabbii keessattii fi kara deemaa qofaafi. Dirqama Rabbiin irraa ta'e. Rabbiin beekaa ogeessa.” (Tawbaa: 58-60)

Keeyyata kabajamaa kana irratti hundaa'uudhaan wantoota lama ibsuun ni danda'ama. Isaanis: namoota zakaa fudhachuun jaraaf eeyyamamuu fi kan jaraaf hin eeyyamamneedha.

**A. Namoota zakaa fudhachuun hin eeyyamamneef.** Warrooni kun kanneen armaan gadii of keessatti hammatu:

(a) Namoota jajjaboo hojjatachuu danda'an, mormitootaa fi diddoota (kaafiroota) warra roorristoota. Warri Muslima hin ta'in (*ahlu azzimiti*) kan Muslimootaan hin lolin, kan Muslimoota biyya jaraa irraa hin baasin hojii Umar bin al-Kaxxaabitti hidhatanii yeroo jarri itti dhimmanitti zakaa irraa kennuufiin ni danda'ama.

(b) **Ilmaan nama zakaa kennuu-yoo fagaatanillee** (ilmoo isaa, ilmoo ilmoo isaa, ilmoo ilmoo ilmoo isaa... yoo ta'es) fi haadha manaa isaati. Sababani isaas jara kana nyaachisuun waan isa irratti dirqama ta'uufi. Jarri kun durummaan isaa durummaa jaraati; hiyyummaan isaa hiyyummaa jaraati.

(c) **Firoottan nabiyyicha xumuraa (SAW):** jara kanaaf sadaqaa kennuun hin eeyyamamu. Maatiin nabiyyichaa kun akka ilaalcha ulamoota gariitti ilmaan Abdal-Muxxalibi; akka ilaalcha ulamoota birootti immoo Banii Haashimis of keessatti hammata.

**B. Gosoota saddeettan zakaan eeyyamamuuf:** jarri kun: hiyyeeyyii, harka qalleeyyii, isii irra hojjatoota (warra isii irra hojjatan), warra qalbiin jaraa booharfamtu, gabra (bilisoomsuu) keessatti, warra liqii (*deenii*) of irraa qaban, karaa Rabbii keessattii fi karaa deemaadha.

Asii gaditti wantoota akka walii galaatti tarreeffaman kana hanga tokko ibsina.

**(1) HiyyeeyyiiFi Harka Qalleeyyii (Miskiinotaa Fi Faqiirota):** Faqiirri nama waan tokkollee hin qabne ykn walakkaa waan jirenyaaaf itti dhimmuu kan hin argannedha. Miskiinni immoo kan walakkaa waan jirenyaaaf itti dhimmuu yk Sanaa ol argatuudha.

**(2) Miskiinni** nama waan isa duroomsu hin qabne, kan namas hin kadhannee fi kan rakkinni isa irraa beekamee kenni isaaf hin kennamnedha. Zakaan caalaa keessaa tokko firoottan isaa miskiinaa fi faqiira kan jara nyaachisuun isa irratti dirqama hin taaneef kennuudha.

**(3) Warroota isii irra hojjatan:** jarri kun immoo kan qaamni dhimmi ilaalu akka jarri zakaa walitti qabuuuf, bakka kuusaa isaatti eeganuu fi bakka isiidhaaf malutti akka raabsanuuuf jara ramadeedha. Hojjattooni kun Muslimoota amanamoo fi murtee zakaa beekan, warroota zakaan jaraaf hin eeyyamamne ta'uu dhabuun dirqama. Waan hojji jaraa fakkaatu fudhatu. Abbaan amantii akka jarri hin hannee qabeenya zakaa (keessaa hin dhokfanne) fi qabeenya nama zakaa kennuu kan caalaa ta'e akka hin fuune jara ajaje.

Yoo namni zakaa raabsu abbuma qabeenyichaa ta'e ennas kan namoota zakaa irra hojjatamuuf kennamu hafee gosoota turban hafa irratti raabsama.

**(4) Namoota qalbiin jaraa booharfamtu:** jarri kun warra qalbii jaraa Islaamummaa irratti booharsuun (gammachiisuun) ykn hamtuu jaraa Islaamummaa irraa qabuun barbaadamuu, ykn Muslimoota irraa deebisuu fi diina jaraa irratti jaraaf tumsuun kajeelamudha.

Kun kan inni of keessatti hammatu: nama dhihoo Islaamummaa seene kan irratti jajjabeessuu barbaachisu, nama Islaamummaa isaatiin firottanii fi lammiin isaa Islaamayuun kajeelamuu fi namoota hamtuu isaanii sodaatamu, yoo kenni kennameef hamtuu sana irraa of qu sachuuun isaanii kajeelamudha. Qooni kun kan yeroo ammaa itti Islaamummaa irraa deebisan keessaa tokko.

**(5) Gabra bilisoomsuu:** kun qooda gabrichaa ykn gabrittii bilisoomsuuti. Kunis qabeenya zakaatiin namoota gabrummaa jalaa of baasuudhaaf maallaqa kafalaa jiran gargaaruu fi jara bitanii bilisoomsuudhaani.

**(6) warra liqii (*deenii*) of irraa qaban:** jarri kun immoo warra mogoonni (qabeenyi nama bira) jara irra jiru, kan waan kafalan hin argannedha. Kan dhimma dhuunfaa isaatiif liqeeffate ta'us, ykn kan dhimma nama biraatiif liqeeffate, warra safuu qabanu kan jidduu namaa walitti araarsuuf liqii baadhatanta'us tokkuma. Namni balaan isatti buute hanga waan jiruu isaa ittiin ijaarratu argatutti gargaarunis qooda kana jala seena. Haqa namaa (*deenii*) nama du'e kan waan kafalu osoo hin

dhiisin du'e qabeenya zakaa irraa kafaluun ni danda'ama. Ulaa dhala fayyadamuu cufuuf jecha gahee warra liqii qabanii irraa namoota itti dhimmaniif liqeesuun ni danda'ama.

**(7) karaa Rabbii keessatti:** Wantoota jaalala Rabbiiitti nama geessan kan akka beekumsaa (ilmii), hojii fi qabsoo (jihaadaa) of keessatti qabata. Hiikni kun hojiwwan qulquulluu fuulli Rabbii ittiin fedhame hunda akka of keessatti qabatuuf jecha bal'ata. Kunis dirqamoota, hojiwwan fedhiidhaan hojjatamanii fi gosoota tola ooltummaa hunda hammata.

Inumaa Imaamu Ahmad nama hajjii deemuu barbaade kan qabeenya hin qabnee akka inni deemuuf zakaa kennuufii ni ta'a jedhu. Garuu warri gariin Hajjiin kan inni dirqama ta'u nama danda'u irratti jechuudhaan yaada isaanii kana falman. Abbaan tafsiira (hiika Qur'aanaa) "al-Manaar" karaa hajjii eeguu fi sababoota warra hajjii deemuuf haala mijeessanii kennuun ni danda'ama jedhan. Kunis waan kana hojjachuudhaaf yoo maddi galii biraadhabame qofa.

**(8) Kara deemaa:** Inni kun immoo kara deemaa kan biyya tokko irraa gara biyya biraadhabame, kan galaan isaa dhumentha. Waan biyya isatiin isa gahutu isaaaf kennama. Keessummaan, barattooni barnootaaf biyya biraadhabame kanneen dhimma deemsaa barumsaa sanaaf itti dhimmanii fi nama qabeenya isaa irraa fagaatee jiru, osoo biyya isaa jiraateelle kan argachuu hin dandeenyefaadha.

**4. Nama Isii Haqa Godhatuuf Zakaa Raabsuu:**  
bifa walqixa ta'een (akka gareen saddeettanuu 1/8 argatutti)  
qooduun dirqama miti. Garee hunda akka rakkina jaraatti

adda baasanii ilaaluun ni danda'ama. Garuu qabxiin irratti waliif galamee jiru gahee warra zakaa irra hojjatuu 1/8 ol gochuun hin ta'u. Warra rakkina jabaa qaban irraa eegalee akka barbaachisummaa isaatiin durfama. Yoo qabeenyi zakaa kan rakkoo garee muraasaa qofa kan gahu ta'e hiyyaayyii fi harka qal'eyyii dursuudhaan tartiibni isaa eegama. Ammas dhimma irratti waliif galame keessaa tokko yeroo zakaan rakkoo warra biyyaa isiin keessaa guuramtee hiiktee irraa hafte gara iddo biraa geessuun eeyyamamaa ta'uudha. Yoo zakaan hin geenye dirqamaan qabeenya zakaa hin ta'in keessatti dirqamsiisuun ni eeyyamama. Kun immoo hanguma rakkoo hiiku malee hin daangeffamu.

### **Sadaffaan: Addummaa Diinagdee Islaamaa, Hiika**

**Misoomsuu Fi Raabsuu:** Diinagdee Islaamaa jechuun kan itti fedhame: bu'uurawanii fi kaayyolee waan hawaasni itti dhimmu oomishuuf barbaachistu fayyadamutti nama geessituu fi wantoota sana bara hunda guddisuudha. Hiika kanaan diinagdeen Islaamaa qooda tokko kan Islaamummaa irraa addaan hin baanedha. Kunis Islaamumman amantii dhimmoota jiruu namaa hunda of keessatti hammatu waan ta'eefi.

Qabxiin kun wantoota muraasa irra naanna'a. Isaanis:

- I. Maalummaa (mallatoo) diinagdee Islaamaa ibsuu,
- II. Hiikaa mijjeeffannaakka hiikaa isaa kan hiikaa diinagdee Islaamummaa, akka hiika isaa gaarii (positive) fi hiika hir'innaa (negative) kan hiika warra dhihaa ammayyaa irraa qulqullaa'e ibsuu fi

III. Diinagdee karaa Islaamummaa irratti taatee dhimma namummaa fi qabeenyaas bakka buutu walitti makuudha. Kunis akka rmaan gadiitti adda baafamee ibsama:

1- **Amaloota diinagdee Islaamaa:** diinagdeen Islaamaa mallatoowwan (ibsa) armaan gadiitiin ibsama:

a. **Amaloota amantii (Aqiidaa):** Islaamummaan amantii tawhiidaa kan sochii hojii namaan kan addunyaa fi aakiraan murteessudha. Kanaafuu si'aa'inni diinagdee qindoomina duudhaalee kana mala *ta'abbudiyyummaa* (yaada gabbariitiin waa hojjachuu) isa godhu, bu'urri isaa bakka bu'iinsaa fi dachii misoomsuu ta'e irratti kan xiyyeefatudha.

b. **Qabatama jiruu wajjin deemuu fi amala qabaachuu:** Islaamummaan qabeenya/faaydaa, amantii fi uumama sirrii kan Rabbiin irratti nama uume hunda of keessatti hammata. Diinagdeen Islaamummaa sona “**لا ضرر ولا ضرار /Miidhuu fi miidhamuun hin jiru**” jedhu irratti hundaa'e.

c. **Jiddu galeessummaa fi madaalawummaa:** diinagdeen Islaamaa yaada dhimmoota ilma namaa guutuu lafa ka'a. kun immoo kan ta'udura dhimmoota bu'uuraa kan dirqama guutamuu qaban guutuudhaan (kan akka Manaa, nyaataa fi uffataa), sana booda wantoota baay'ee barbaachisoo ta'an garuu kan barbaachisummaan isaanii bu'uuraa hin ta'in guutuudhaan, eeganaa osoo hin qisaasin; hanga barbaachisu irraa osoo hin hir'atin waan ilma namaatiif barbaachisu guutuufidhaani. Kunis carraaqqanna fi ogummaa osoo addaan hin baasin, faaydaa dhuunfaa fi gamtaa kan waliinii wal-madaalchisuu irratti bololuu wajjiini.

Akkasumas waan wal-simachuu jidduu gabbartii fi waliin hojjachu (diinagdee) mirkaneessuuni.

**d. Wal-guutuu fi walitti hidhachuu:** Diinagdeen Islaamaa ijaarsa qindoofuu roga afur qabdu irratti hojjata. Isaanis: mirga qabeenya dhuunfachuu, osoo zakaa keessaa hin baasin ol-kaa'achuun dhowwamaa ta'uu, dhalli dhowwamaa ta'uu fi kallattii namummaa hunda kan akka: siyaasaa, hawaasummaa, aadaa fi amantii waliin hidhata qabaachuu. (F. 91-96)

**2- Akka Islaamaatti hubannoo mijjeeffanna waan misooma gaarii waliin wal-fakkaataniif:** ilaalchi Islaamummaa jecha “Misooma diinagdee” jedhu qubee qubeedhaan hin hiikne. Garuu qindoomina tokko tokkee ilaalcha walii gala irraa maddee fi madda walii galaa, kan *wahyiin* (ergaa samii) buufamaa irratti kan xiyyeefafe, kan qajeelcha hubannoo diinagdee sammuun warra dhihaa boce caala gadi fagoo ta'e keessatti ibse.

Dagaaginni akka ilaalcha Islaamaatti “Misoomsuu mijjeeffachuuuti geessu” dachii jiraachisuu mirkaneessu irratti hundeffame. Rabbiin (SW) dachii itti hin fayyadannetti fayyadamuu, misoomsuu fi tola isii keessatti mijjeeffachuuuti nu ajaje.kanaan hiikni/hubannoon dagaaginaa haqummaa, miidhaa mormuu fi miidhamaaf tumsuudhaan wal-qabate. Hiikni kanaa immoo faallaan hubannoo dagaagina warra dhihaa misoomsuu kan hojii amantii fi bakka bu'iinsaa taate, kan nama dhuunfaa fi gamtaas ta'ee biyya Muslimaa irratti dirqama ta'udha. Wanti dachii irraa gaggaariidha; akka gaariitti itti fayyadamuu, isii tolchuu fi Rabbiin galatoomsachuu nama irraa barbaaddi.

Cuunfaan waan darbee: - xiinxalli/yaanni Islaamaa hiika dagaagina diinagdee hin ibsine. Kan jiru sun hiika mootiin Ameerkaa duraanii **Tiruumaan** jedhamu waraana addunyaa lammaffaa booda bocedha. Garuu namni dhimmicha xiinxalu hiikni mijjeeffannaa hiika dagaagina/guddinaatiin tokko. Dagaagina yeroo jennu hiika isaa isa hir'innaa osoo hin ta'in isa gaarii fudhanneeti.

Mijjeeffachuu waa murteessuu danda'uu, bakka qabachuu, irratti moo'uu fi murteessuu irratti danda'uudha. Innis dachii hin qabatamnetti fayyadamuu fi misoomsuudhaan walqabata. Dagaaginni diinagdeetiif karaa mijjeeffannaa irraayyi. Hojii amantii kan akka iyyummaa dhabamsiisuu dirqama amantii keessatti lakka'ama. Dachii jiraachisuu fi misoomsuun moggaalee dachii keessatti hojii walitti fuftuu fi dirqama yoo xiqlaate gareen hawaasaa hojjachuu qabudha. Kallattiin kun yeroo gadi fageessanii ilaalan sochii diinagdee biyyoota Arabaa fi Islaamaa kuffisee karaa Rabbii irraa fagaachuutti geessa.

Islaamummaa keessatti dagaaginni diinagdee tokko tokkoon hawaasaa hundaa irratti xiyyeeffata. Kunis ka'umsa "Hiyyeessi beela'ee dureessi waan garaa guuttateefi." jedhu irraayyi. Akka hubannoo kanaatti hojiin dagaaginaa dinagdee kaayyoo duudhaalee, amantii fi haala gaarii mirkaneessuufi. Omishuu fi raabsuun addaan hin baafamu. Waan ittiin of danda'an mirkaneeffachuu irra xiqlaate gareen hawaasaa kaa

Ilmi namaa addunyaa kana keessatti wantoota gaggaarii isaa laaffifamettii fayyadamuun jirenya isaa kan dachii irraa kana tolchuu qaba. Kun immoo jiruu gaarii dhaabbachuuudhaan, dandeetti qabeenyaa fi hamilee hawaasaaf argamsiisuudhaani.

Kunis damee omisha tokkoo qofa irratti xiyyeefatanii isa kaan dagachuu dhabuu fi liqii fi hojii diinagdee hunda galmeessuu irratti bololuu wajjiini.

**3- Akka ilaalcha Islaamaatti walitti makama diinagdee:** makaan kun kan armaan gadii of keessatti qabata:

a- **Iddoo dhalli namaa mijjee diinagdee Fiduu keessatti qabu:** mijjeeffannaan bu'aa dhalli namaa mijjee qabeenya uumama keessa jiru (dachii keessa, hawaa keessaa fi qaama bisaanii keessas) hojjachuudhaan akka adeemsa Islaamaatti mirkaneeffamuu qabu jechuu ni dandeenya. Dhalli namaa qabeenya caalaa yaachisaadha. Dhalli namaa kun karaa ademsaa, qindoominaa, leenjii fi ogumma qabeenya wajjin deemuu barbaada.

Wantoota dhala namaatiif barbaachisan kallattii akaakuu isaa qofa irratti xiyyeefannee kallattii lakkofaa (baay'inaa) dagachuu hin qabnu. Nabiyyichi xumuraa (SAW) akka wal-fuunu fi hedдуммаannuuf nu ajajan Kunis ummatoota biraa irratti nuun dhaaddachuufi. Kun akka warrootiin diinagdee duraa fi ammayyaa osoo hin ta'in baay'inni jiraattotaa barbaachisaa ta'uu fi waan gaarii ta'utti akeeka. Guddisaa fi hojin isaa tollaan dhalli namaa barbaachisaa ta'uu irratti Muuxannoon Chaaynaa qabatamaa fi fakkeinya gaariidha.

Dagaaginni "zakaa" kan wantoota sadii keessatti walitti qabama. Isaanis: amantii namaa, fedhii namaa fi hojii namaati. Yeroo biyyi *Kilaafaa* (bakka bu'iinsa) Islaamaa akka adeemsa shari'aa Islaamaatti hojii ijaarsa qaroomaa mirkaneessitusanatti fakkii hin qabdu turte. Yeroo isiin

sharii'aa sana irraa dagattu dadhabinni ammaa kun isii mudate.

Amantiin meeshaa jijiirama fiduu, kan caalmaa hojiin qabu irratti dabalamu, kan hojjata Muslimaa baay'ina hojii fi akaakuu isaatiin hiriyoota isaa irraa adda godhudha.

Gama biraatiin immoo amantiin fedhii namummaa nama keessatti uuma. Kana jechuun wantoota dachii keessatti bakka bu'uuf barbaachisan argamsiisuuf murannoon hojjachuu keessatti qabeenya guddaa qaba jechuudha. Muuxannoon seenaa irraa argame akka ibsutti amantiin namaa kan isii irraa fedhiin namaa jabduun maddu osoo hin jiraatin dagaagina mirkaneessuun waan hin danda'amne ta'uu isaati. Kana irraa ka'uudhaan namoonni hedduun jidduu dagaaginnaa fi qabsoo (Jihaada) qulqulluu, fedhii hojii cimaa, ijaarsaa fi deebisanii ijaaruudhaan walitti hidhu.

Fedhiin ilma namaa mijjeffanna qaroominaa fi hawaasummaa saaqxi. Dandeetii namaa fi kallattii isii maddisiisti. Wanti fedhii kana irratti gargaaru immoo dame hunda keessatti hanga danda'ameen nama baay'ee barsiisa gaarii barsiisuudha.

Barsiisni gaariin kun karaa Rabbiis ta'ee hawaasa irraa kan adda hin baaneedha. Barumsi kun kan barbaachisu namoota filatamoo ta'an qofaaf osoo hin ta'in dirqama Muslima dhiiraa fi dubartii hundaati.

Beekumsa irraa *Fardel-kifaayaajechuun* ibsa *wahyii* samiidhaa buheetiin ibsachuudhaan waan dhimmoota jiruu addunyaa hunda keessatti ittiin of gahanu jechuudha. Barataan

dhugaa kan Rabbi na arga, bakkuma ani jirutti naa wajjiin jira, na tiksa jechuutti amanu.

Islaamummaan aadaa dagaagaa kan aadaa fi duudhaa ummataa irraa maddite, kan uumama Rabbiin irratti nama uumeen wal-simattu ni raggaasisa. Islaamummaan damee hunda keessatti nama ga'umsa qabu, yeroo hunda gaarii ta'e, kan soda Rabbii fi toltaa irraaa wal-dhowwuu malee, yakkaa fi diinummaa irraa wal-dhowwuu fi malee aangoo ykn sadarkaa hojniitiin nama dhaadhessuu hin raggaasisu. Islaamummaan dhidhimsuu (qabeenya ummataa dhokfachuu), hatuu, malaa maltummaa fi soba ni dhowwa.

Yeroo gubuu dhabuu fi waan nama dhuunfaas ta'ee hawaasa fayyadu irratti dabarsuudhaaf xiyyeffannoo addaa kenna.

Islaamummaan hojiin jaraa jecha jaraatiin wal-simachuutti amantoota ajaja. Aqiidaan/amantiin jaraa jecha bareedaa fi hojii gaariidhaan qabatamaan dachii keessatti argamuutti ajaja. Hojiin dhala namaa qabatamaan hiikkaa dachii keessatti bakka bu'iinsaa mul'isuu qaba. Islaamummaan umrii tokkollee kan taa'ichaaf oolfamu hin beeku. Ilmi namaa hanga guyyaan du'a isaa geessutti hojjachuu irraa barbaada. Osso inni biqiltuu tokko dhaabuutti jiruu yoo qiyaamaan dhaabbattellee kan harkaa qabu akka itti fufu ajaja. Hanga jiruuf yeroon hafteefitti hojii gaarii itti fufuutti ajaja. Hojiin kan madaalamtu xumura isiitiini. Nama hundaafuu waanuma inni yaadetu jiraaf.

Ijoon dubbii: namni Muslimaa hanga danda'een waan irra gaarii barbaaduu, hojii qulqullinaan hojjachuu, Rabbiin sodaachuu, haqa firaat eeggachuutti ajajame. Kana immoo kan

godhuuf Rabbiif jecha jaal'achuudhaan, gara Isaatti dhihaachuudhaaf, ergamaa Rabbii fi ummata isaanii jaal'achuudhaafi. Aangoo hunda keessatti dandeettiin akka isii madaaluun ta'uu qabdi. Akka ka'umsaatti (akka bu'uura seera Islaamaatti) aangoon nama isii barbaaduuf hin kennamtu. Nama isiidhaaf gahumsa qabu, kan ummanni barbaaduuf kennamti. Sababni isaas waan aangoon amaanaa taateef, boojii ykn kabajaa waan hin taaneefi. Kana irraa ka'uudhaan Islaamummaan jidduu dhala namaa hundatti mirgootaa fi dirqamoota waliif kennamtu kaa'e.

#### b- **Gahee Gosti Qabeenyaa Dagaagina Keessatti**

**Qabu:** Akaakuun kun diinagdee warra dhihaa keessatti maallaqa hindoo (ijoo) bakka bu'a.jiddu galeessi galii nama dhuunfaa madaala guddinaa fi boodatti hafummaa ta'ee ilaalam. Kanaaf hayyooni diinagdee (economist) warra dhihaa rakkoo ijoo diinagdee gara garaa dura dhaabbattu akaaku maallaqa hindoo (kan ittiin hojji eegalanu/sochoosanu) hanga malu guutuudhaan daangessu. Garuu muuxannoon qabatamaan seenaa keessatti argame hubannoон kun dabaa ta'uu mirkaneessa. Humni nama baratee, kan kaappitaala argame kana bifaa sirrii ta'een akka itti fayyadamu beeku yoo hin jiraatin boodatti hafiinsi ittuma fufa. Ulaan iyyummaa konkumaa hin cufamtu.

Gama biraatiin jechi qabeenyaa fi lubbuu jedhu Qur'aana kabajamaa keessatti walitti qindoomanii iddo afurtamaa olitti dhufan. Suuraan *fiil* wantoota sadii walitti hiite. Rabbii Ka'abaa gabbaruutti ajajuu, Rabbiin Qura'yshii nyaachisuu fi sodaa irraa nagaa isaan baasuudha.

Ilaalcha Islaamaa keessatti akaakuun qabeenya itti fayyadamuun eeyyamamu, kan nama biratti gatii qabudha. Waan itti fayyadamuun maluu hundaa fi waan horachuun malu hunda of keessatti qabatti. Kunis kan uumamaa ykn nam-tolchee ta'uu danda'a. hiika kanaan kan akaakuu qabeenya keessaa bahu waan qabeenya namaa ta'ee kan hawaasni walitti qabuu hundaa fi waan Rabbiin dhowwamaa godhe hunda.

Wantoonni uumamaa mijjee qabeenya irräayyi. Qabeenyi uumamaa argamuun ni dandeessi, garuu teknoolojii fi meeshaaleen oomishaa caalaatti bu'aa buusuutti jijiiruuf itti fayyadamanu wajjiin hin jirtu. Ogummaan namaatis akkasuma wajjiin hin jirtu. Yeroo kana akka qabeenyi uumamaa hin jirretti ilaalamia. Yookii kajeeltonni alaa isii akka kajeelan waamtuu taate. Yoo qabeenya sana gara haala isii kan uumamaatiin ykn nam-tolcheetiin akka seera Rabbii fi ergamaan isaa ibsaniin itti hin fayyadamin qananii irra gara adabbiitti jijiiramuu dandeessi. Wanti dirqamni bakka bu'ummaa ibsu qabeenya uumamaa bifaa gaariidhaan itti fayyadamuudha. Keessattuu dachii.

Islaamummaan dachii namni itti hin fayyadamin nama misoomsuuf kennuu karaa godhe. Muslimoon mala ittiin dachii jiraachisan/misoomsan beekan. San keessaa: al-muzaara'aa (yakutoodhaan facaasuu), al-musaaqaa (hangaa murtawaa fudhatanii midhaan bishaan/mukkeen obaasuu), al-muraabahaa (namni lama ykn sanaa ol maallaqa walitti buusanii bu'aa quoddachuu) fi al-mudaarabaa (walii galtee daldalaan kan tokko maallaqa kennee kan biraa immoo ittiin hojjatee bu'aa quoddatanu) faadha.

Jechoota Aliyyii bin Abii Xaalib irraa odeeoffame keessaa tokko:

"ول يكن نظرك في عمارة الأرض أبلغ من نظرك في استخراج  
الخارج، لأن ذلك لا يدرك إلا بالعمارة. ومن طلب الخارج بلا عمارة  
أحرب البلاد وأهلك العباد. ولم يستقم أمره إلا قليلاً. ولا ينثقلن عليك  
بشيء خفت به المؤنة عليهم. فإنه ذخر يعودون به عليك في عمارة  
بلادك"

*"Ilaalchi ati dachii misoomsuuf qabdu kan ati gibira gabbaruuf qabdu haa caalu. Gibirri kun misooma ala waan hin argamneefi. Namni misooma ala gibira barbaadu biyya ni onsa; ummata ni balleessa. Hojiin isaa xiqqoo malee fuul-duratti deemuu hin danda'u. waan ati baasii jaraaf salphifteen akka sitti hin ulfaanne. Inni qabeenya ati ol-ka'atte kan biyya kee ijaaruu fi misoomsuu keessatti sifayyaduudha."*

Erga guddina damee qonnaa kan gahee qabeenyan kaappitaala guddina diinagdee keessatti qabu akka ilaalcha warra dhihaa fi akka Islaamummaatti ilaallee booda gara beekumsa nama harkistuu taatee kan biraatti haa ceenu. Qabeenya hindoo (*ra'sal-maal*) jechuudhaan kan itti yaadame qabeenya uumamaa hunda kan aajjoo (*ifaajee*) ilma namaatiin wal-qabate, kan kallattiidhaan baasuuf osoo hin taanee kaayyoo biraatiif yaadame, kana jechuunis hojii omishaa guddisuu keesatti itti fayyadamuuf kan karoorfame jechuudha.

Hiikni qabeenya kaappitaala diinagdee warra lafaa (nam-tolchee) biratti kan armaan gadii of keessatti hammata: qabeenya hindoo kan daldalaa<sup>(6)</sup> fi kan omishaa<sup>(7)</sup>

Qabeenya hindoo hin sochoone jechuudhaan kan itti yaadame qabeenya hindoo kan yeroo hedduu hojii omishaa keessatti itti fayyadamu kan akka manaa fi meeshaaleeti. Qabeenyan hidoon sochoo'aan immoo kan yeroo tokko qofa itti fayyadamamu kan akka qabeenya duraati (*al-mawaaddi al-awlawiyyati*). Qabeenyan hidoon yaa'aan (*Rasu al-maal al-saa'il*) immoo omisha omishni isaa xumurme fi kan omishaaf qopheeffameedha.

Ilaalcha diinagdee Islaamaa keessatti immoo: kaappitaala qabeenya sheri'aan tilmaame, kan faaydaa guddina diinagdee, afuuraa, amala gaarii, dachi misoomsuu, hawaasa amantii, duudhaa fi *aklaaqa* (haala gaarii) irra jiru omishuuf jecha kan itti qabsa'amedha.

Kanaan hiikni qabeenya hindoo akka ilaalcha Islaamaatti kaayyoo isa qindeessu, itti gaafatama gaarii kan hojii omishaa bu'aa omishame karaa raabsuu fi eeguuf irra gaarii ta'een hojjachuudhaaf oolu qaba. Kana irraa ka'uudhaan Islaamummaan qabeenya hindoo jijiiruu, ykn malaamaltummaa xureessuu, ykn dognummaan, qisaasuudhaan, ol-kaa'annaadhaan, yeroo meeshaan qaala'u (jabaatu) eeguudhaaf jecha meeshaa ol-kaa'uudhaan, zakaah dhowwachuudhaan,

---

<sup>(6)</sup> horii daldalaa kan meeshaa wal-jijiiruu ykn maallaqaan bituu fi gurguruu ta'uu danda'a

<sup>(7)</sup> maallaqa hojii omishaatiif, ogummaatiif itti fayyadamuuf karoorfameedha.

dhalaan hojjachuudhaa, waan namaa fi naannoo miidhuuf itti fayyadamuudhaan isa xureessuu dhowwamaa godhe.

Kaayyolee isaa keessaa tokko of-danda'iinsa ilma namaa mirkaneessuu fi qabeenya murtawaa baasii irraa gara horsiisuutti deebisuufi. Kunis dachii dachii misoomsuu fi qabeenya isii guddisuu mirkaneessuufi.

Sirna diinagdee Islaamaa keessatti tooftaa qabeenya misoomsan keessaa muraasni kan armaan gadiiti:

Walii galtee *sharikaa* qabeenya, *sharikaa al-mufawadaa* (*kan qaamni lama hojji fi qabeenyaanis wal-qixa itti hirmaatu*), *sharikaa al-wujuuh*, *al-mudabaa*; walii galtee kira, bakka bu'iinsaa; walii galtee gurguraa (gurguraa sharafaa, *al-muraabahaa* (bu'aa murtawaa argachuu irratti waliif galanii maallaqa hojiif kennuu), *as-salm*, liqii); walii galtee gurguraa ammaa fi baallamaa faadha.

### **Afraffaan: Hiika Qabeenya Raabsuu Fi Bu'urrawwan Isaas:**

Qo'annaan kun kan issiin ibsitu diingadee hunda kan walitti fiddu maddoota jiran irraa faaydaa ol-aantuu argachuu fi hanga danda'ameen oomisha guddisuun dirqama ta'uunisaati. Garuu tooftaa fayyadamtee kaayyoo sana mirkaneessitu keessatti wal-dhabdi. Tumsitoonni diinagdee gara garaa kun hunduu tooftaa sonaawwan/kaayyoo isaatiin wal-simatu fayyadama.

Warri **Kaappitaalizimii** omisha guddisuu irratti xiyyeefatu. Garuu bu'aa omishaa raabsuutti yaaduu akka hir'inatti hin ilaalanu.

Warri **Sooshaalizimii** yeroo hunda qabeenya oomisha irraa argame raabsuun boca omishaa hordofa (akka omishni ta'e ta'a) jedhanii amanu.

**Islaamummaan** immoo heerawwan raabsaa kan yeroo fi iddoodaan hin daangeffamne gadi dhaabee jira.omishaaf sonoowwan kaa'eefii jira.haqaan raabsuu fi furmaata rakkootooftaa omishuu hordofee dhufu kaa'ee jira.furtuun ilaalcha Islaamaa kan inni haqaan raabsuudhaaf kaa'e akka namni tokko oomisha itti fufuuf jecha nama dhuunfaatiif raabsuu bira darbee sissi'eessituun sun akka hawaasa hunda bira geessu wabii ta'a.

Ilaalchi walii gala kan rakkoo dhala namaahunda hiikuuf qabdu, ulaagaan isiin raabsaa isa omishaa wal-gahaa fi ofkola hojii irra oolchuuf kaa'atte barbaachisaa ta'uu kana irraa hubanna.

Raabsuu qabeenya ilaalchisee ilaalcha Islaamummaa karaa sadii wal-hordofaa ta'een ibsina. Isaanis: hiikaa Raabsuu akka lugaa fi walii galtee beektotaatti (*isxilaah*), ilaalcha warra seera lafaatiin buluutti hiikni raabsuu maal akka ta'e ibsuu fi hiikni raabsuu ilaalcha Islaamaa keessatti maal akka ta'e addeessuudha.

### **1- Hiikaa raabsuu akka afaanii fi shari'aatti**

**Tawzii'i (raabsuu)** jechuun akka hiika afaaniitti quoduuduh. Akka hiika *shari'aatti* immoo raabsaa nama dhuunfaa, fi raabsaa gahee hojiiti.

**a. Raabsaa nama dhuunfaa:** hojiin oomisha raabsuu kan isii dura hojiin qabeenya namoota dhuunfaa irra raabsuu jiru; kan hojii omishaa keessatti quoda fudhachuu fi

dhiisuu osoo hin ilaalini raawwatamu. Raabsaan nama dhuunfaaqo'annoo namni dhuunfaa galii ummata walii gala irraatti bu'uureessite irratti hunda'a.

**b. Raabsaa hojii:** warra hojii omishaa keessatti hirmaataniif qoodiinsa adda addaa qooduu jechuudha. Innis gosoota hojii diinagdee keessatti barbaachistuu taate of keessatti qabatti. Isaanis: akka gahee hojii ogummaa qooduu (warshaa/hojii adda addaa jidduutti galii qooduu), qooda naannoo ykn teessuma lafaa (ji'oogiraafii); akka qoodamiinsa biyyaa, qooda akaakuu fi qooda saala nammaa faadha.

**c. Hiika qabeenya raabsuu/qoodinsaa akka ilaalcha seera nam-tolcheetti.** Ilaalchi gabaa bilisaa qabeenya guddisuu qofa irratti xiyyeffate malee waa'ee bu'aa guddinaa qooduutiif bakka hin kennine. Osooma isiin rakkoowwan qoodinsaa qabaatteeyyuu inni baay'inaan omishuu qofa irratti xiyyeffata.

Asitti gabaabsinee hubannoo qabeenya raabsuu akka ilaalcha warra seera nam-tolchee hordofuu fi akka ilaalcha Islaamaattis maal akka ta'e wal-duraa duubaan ibsina:

**a- Hiika Qoodinsaa Qabeenya Akka Ilaalcha Waara Seera nam-tolchee Hordofuutti:** Ilaalchi diinagdee waara seera nam-tolchee hordofuu raabsuu irratti hin xiyyeffatu. Kun immoo kallattiidhaan lakkoofsi bu'aa ummataa akka guddatu taasisa; achi irraa ka'uudhaan tokko tokkoon hawaasaatiif sadarkaa badhaadhina isaanii ni dabalaaf. akka warra yaada kanaaf tumsuutti guddinni osoma yeroo yeroodhaan hojii qoodinsaa irratti miidhaa fideeyyuu barbabaachisaadha jedhu.

Garuu warri jiruu hawaasummaa tolchuuf hojjatan jara kana harkatti qaban. Qoodinsa wal-qixxeessuu dhabuun kufiinsaa fi rakkoo amalaatti geessa jechuudhaan wal-qixxeessanii qooduun akka barbaachisaa ta'e hubatan. Armaan gaditti gosoota raabsaa diinagdee-kan nama dhuunfaa fi hojii kan warra dhihaa ilaalla:

**1) Qoodiinsa nama dhuunfaa: warri**

Kaappitaalizimii walabummaa qabeenya nama dhuunfaa kan hin daangaffamnee fi hanga danda'ameen qabeenya guddaa argachuu mirkaneessuutti amanu. kun immooo qooda qonaa fi warshaa keessatti wal-caalinsa daangaa hin qabne jidduu nama dhuunfaatti uuma. Warri Kaappitaalizimii karaa gibiraatiin wal-qixxummaa qabeenyaaj jidduu namoota dhuunfaati mirkaneessuuf yaaltee turte. Kunis galii fi haftee of keessatti hammata. Garuu kun rakkoo baqachiisa gibiraatiin dura dhaabbatame. Warri yaada Sooshaalizimii hordofanu immoo gama jaraatiin jalqabuma irraa qabeenya dhuunfaa waan mormantuuf waa'ee qoodinsaatiif bakka tokko hin kennine.

**2) Qabeenyaaj fi qoodamiinsa hojii:**

Hanga walakkaa jaarraa kudha saglafkaatti waa'een gahee hojii qooduu -qo'annaan saayinsii kamiyyuu - ilaalcha warra seera nam-tolchee biratti hin beekamne. Isii kanatti yaaduun warroota omisha qonaa irratti xiyyeffatanii fi sochii warshaa fi daldalaan akka waan moggaatti ilaalan, kanneen bu'aan qulqulluun dachee kireessuu qofatti warra ilaalanii itti yaadamuun eegalame. Maarkisiin dabalatee warroota diinagdee bifaa aadaatiin hojjatan wajjiin jidduu ilaalcha raabsuu fi gatii adda baasuun eegalame.

Aadam Simiis gosoota bu'aawwan sadii addaan baase. Isaanis: mindaa, *rii'ii* (kan namni dachii kireeffate sababa itti fayyadameef abbaa qabeenyaatiif kennu) fi bu'aadhalaati. Buu'aan kaappitaala irraa argamus of-keessatti qabata.

Ilaalchi mindaaf galii gadi aanaa jedhushayyuu *Maaltis* jedhamu kan hariiroo jidduu qabeenya fi baay'ina ummata argateetiin daangeffama. Ilaalchi warra Sooshaalizimii immoo hariiroo jidduu gahee nama dhuunfaa fi gumacha inni oomisha keessatti bahateetiin walitti hin hiine.

Bu'urri qoodinsa qabeenya akka ilaalcha warra Sooshalizimiitti sona namni hunduuuhanga dandeettii isaatti hundaafuu hanga dhimma isaatu kennama jedhu irratti hunda'a. Warra Kaappitaalizimii biratti immoo bu'urri qoodinsa qabeenya gosti hunduu gosoota hojii oomishaa irratti hirmaatan hunduu galii oomishaa argame sana irratti gahee qaba jedhu irratti hundaa'a.

**A) Dhala/bu'aa:** qoonni kaappitaalaa dhala. Dhalli kunis gatii qusannaa irraa argamuudha. Isiin 1/8<sup>ffaa</sup> gatii waan ol-kaa'atan bakka buuti. Dabiinsa daangessuun misoomsuufi. Maallaqa barbaaduun, ykn kashii fi laachuun wantoota nama kakaasan (si'eessitoota) shanitti deebi'a. Isaanis: si'eessaa galii, si'eessaa piroojektii, si'eessaa baajataa, si'eessaa of eegganno fi si'eessaa waliin hojjannaati.

Faallaa kanaa Maarkis faaydaan abbaan qabeenya argatu gosa saamichaa fi hannaati jedha.

**B) Buhaa:** kunis bu'aa intarpriniyariiti. Ibsa biraatiin: bu'aan galii qulqulluu namni oomisha qindeessuu fi jidduu isii walitti qabu argatudha. Galata waan namni

ramadamee hojicha qindeesu, kan yeroo hunda waa uumuu fi haaromsaatti xiyyeffatu argatudha. Bu'aa hojii oggansaa fi gatii ba'aa isaati. Akka ilaalcha Maarkisitti immoo saamicha hojjachiisaan hojjattoota irratti raawwatu waan ta'eefi. dhaaba (qindeessaa) irraa gara mootummaatti darbuu qaba.

**C) Kafaltii hojii/mindaa:** inni kun waan namni hojjataan tokko galata hojii isaatiif argateedha. Yeroo hedduu hangi kafaltii isaa durfamee daangeffama.

**D) Al-rii'u (kira)**: kun immoowaan abbaan qabeenya fi abbaan lafaa sababa faayda isii irraa argamuutiif argatu. Jechii dachii jedhu asitti dachii qonnaa, dachii magaalaa fi kenna uumamaa osoo harki haaromsaa fi qulqulleessuu hin xuqiniin duraa of keessatti hammatti.

**b- Hiika Qoodinsaa Akka Ilaalcha Islaamaa Fi Bu'uura Isaatti:** ilaalchi Islaamaa dhimma qoodinsatiif xiyyeffannoo addaa kenna. Qur'aannii fi Hadiisni nabiyyii bu'uura qooda nama dhuunfaa fi hawaasaa ibsu.

Raabsuun- namni hundi qabeenya dachii keessaa waan Rabbiin namaaf laaffise keessatti namni hundi walitti qindaa'uudha. Yaad-rimee qoodinsaa qabeenya cufuma hawaasaa jidduuti bifa wal-qixa ta'een wantoota dhimma bu'uuraa bayachuuf isaan gargaaru wal-qixaan qooduufiidha. Hunduu kan Aadami, Adam biyyee irraayyi. Kun faaydaa dachii keessaatti fayyadamuuf kanatu daangaa wal-qixxummaa isa gadi aanaadha.

Garuu dandeettii fi yeroon uumama fi dandeettiin namni guyyaa keessa horatu wal-caaluutu bu'aan sochii omishaa wal-caaluudhaaf ulaa bana. Kun immoo waan namni horate

hordofeeti. Garaa garummaan hiree garaa garummaa humnaa fi dandeettii nama dhuunfaa irraayyi.

Wal-caaluun kun wal-caalinsa wal-guutuuti malee kan wal-faallessuu miti. Kana irraa ka'uun wal-caaluun waan haqummaan kenu jechuu dandeenya. Garuu Islaamummaan sadarkaa haqummaa irraa gara warra dhimma addaa qabuuf tola ooluutti (*ihsaan*) nama waama.

Qoodinsi ilaalcha Islaamaa keessatti bu'ura afur qaba. Isaanis: hojii, *al-mukaaxaraa* (midhaa), dhimmaa fi qabeenyummaadha. Asii gaditti xiinxala gabaabaa bu'uurawwan sun quoda nama dhuunfaa fi hawaasummaa keessatti qabdu ilaalla:

1. **Qooda nama dhuunfaa:** asitti qoodamiinsa qabeenya, abbummaa qabeenya lamaan irratti raabsama.innisqabeenya gamtaa fi qabeenya dhuunfaa jechuudha. Qabeenya gamtaa yeroo jennu qabeenya faaydaa walii gala kenu, gosoota qabeenya uumamaa, oomishaa fi faaydaa waliinii of keessatti qabata. Qabeenyi dhuunfaa immoo kan faaydaa hundaatiif hin oolle. Horachuun horanna ulagaa abbaan qabeenya dhugaa (Rabbi) kaa'een itti fayyadamantu jira.

Horannaan kun eeyyama abbaa amantiitiin tooftaa adda addaa fayyadamuudhaan ta'a. tooftaa san keessaa: hojjachuu, dhaaluu, yeroo, dhaamsaa fi qaamota zakaan kennamuuf.

2. **Qooda hojii:** hojii guddina omishaa fi raabsaa keessatti kaayyoon dhumaa ilma namaati. Ilalcha Islaamaa

keessatti qoodinsaaf hojiitu bu'uura duraati. Isatuu bu'uura horannaati. Dachii hin misoomin dhuunfachuun yoo misoomsuu isii itti fufsiisaniidha. Rabbiin qabeenya hojiidhaan alatti argamu kan akka malaamaltummaa fi saamichaa dhowwamaa godha. Mindaan hojiwwanii wal-dhabiinsa hojiwwanii, haalaa fi aadaa irratti hundaa'uudhaan hanga isiitiin tilmaamamti.

Hojjataan akkuma hojii isaa raawwateen waan isaaf gahu, kan qaamaa fi lubbuu isaa boqochiisu, dhimma isaa fi nama irraa gaafatamuu qabu kan akka nyaataa, uffataa fi yaabbii haqa godhata.

Abbaan qabeenya qooda isaa kan argatu sababa wareegama hojii isaa fiixaan baasuuf godheeni. Akkuma faaydaan argamu hojiidhaani jedhamu malee maallaqni maallaqa hin dhalu.

Kana booda haajaa namaa bifa amansiisaan cuufuuf, Kenna tola ooltummaa fi zakaadhan ta'a. kunis of danda'ummaa fi haqummaa hawaasaa mirkaneessuu kan danda'an galii adeemsa oomishtummaa iraayyi. Yoo qabeenya zakaa, kenni tola ooltummaa fi waqfiin tokko tokkoon miseensa hawaasaatiif waan barbaachisu guutuu hin dandeenye ammas qabeenya irraa wanti fuudhamu ni jiraata.

**Afraffaa: jijjirama dagaagina diinagdee irratti zakaan qabu:** qo'annaakun jijjirama diinagdee zakaan fidu kallattii sad'iin ibsa. isaanis: zakaa fi madda inni irraa argamu, jijjirama dagaagina diinagdee kan kallattiidhaan zakaa keessa jiruu fi jijjirama dagaagina diinagdee al-kallatii kan zakaa keessa jiru. asii gaditti kallattii sadan kana ibsina:

## **1- Zakaa fi madda isiin irraa argamtu:**

Rakkoowwan hojii dagaaginaa dura dhaabattu keessaa tokko kaappitaala isiidhaaf ramaduuf oolu dhabamuudha. Maddi galii keessaa hanqachuudhaan biyyi guddinaaf tattaafattu sun liqii fi kenna alaa barbaaduun isii ni mala.

Akka ilaalcha warra seera nam-tolcheetti, Kenni karaa qabeenya biyyaa isa quusatameetiin ta'uu danda'a. wanti misoomsuu irraa argamu faa'idaa ol kaa'annaa irraa aragamuu ol ta'uu eeggata. Maddi baajataa kun kyeroofi liqii yeroo dheeraa kan biyya alaairraa argame ta'uu danda'a.

Haala akkanaa keessatti hojiin oomishaa ilaalcha siyaasaatiin hubamuu danda'a. tarii kaappitaalli bifaa liqiitiin biyya alaa irraa dhufe kun biyya misoomaaaf karaa irra jirtu miidhuu danda'a. Kunis waan liqii fi tajaajilli isaa dhaloota ammaa fi egeree irratti ba'aa guddaa ta'uufi.

Akkasumas liqiin biyya alaa quşannaq qabeenya biyya keessaa irratti fageessuutti geessa. Dabalataanis liqiin sun gosti diinagdee gara hundee turtuu kan biyyaa caala kan alaatiin hidhata qabdutti jijiira. Kana irraa of irratti hirkachuun caalaatti fudhatama guddaa argate.

Gama biraatiin maddi galii misoomaa akka ilaalcha Islaamaatti *fay'i* (qabeenya diinni dhiisee baqate), gibira, *Alashuur*, sadaqaa (kenna tola ooltummaa) fi zakaa faa of keessatti hammata. Kaayyoon ilaalcha kanaa namni mataa isaa danda'uuf tattaafachuu, namni hunduu akka hojii harka isaa nyaatu gochuudha.

Asitti gahee zakaan dagaagina diinagdee keessatti qabu karaa sad'iin ibsina. Isaanis: dabala diinagdee (qabeenya dhiheessii fi barbaada gabaa irraa hafe), madda shari'aa keessattii fi gahee zakaan dagaagina diinagdee keessatti qabdu. Isiinis haala armaan gadiitiin ibsamti:

a- **Dabala (qabeenya dhiheessii fi barbaada gabaa irraa hafe) diinagdee:** daballi diingdee akka hiika afaaniitti *afwiidha*. Inni bu'uura qabeenya, irra bareedaa isaa, filatamaa fi caalaa isaati.qabeenyi nama irraa hafaan hojjachuu fi isatti waahiloomuudhaan dhufu. Qur'aanni waan dhimmaa ofii fi nama nyaachisuun isa qabatu irraa hafe kennutti ajaje.

Hadiisni nabiyyii nama yaabbii dabalataa qabu akka inni nama yaabbii hin qabneef kennu ajaja. Namni gala qabu nama hin qabneef akka kennu ajaja.

Akka *shari'aatti fadli* (dabalataa) jechuun qabeenya dhimma nama dhuunfaa fi nama inni bulchu irraa hafeedha. Kenni caalaan waan dhimma namaa irraa hafe kennuudha. Namni yeroo kenna kennu nama isatti aanu irraa eegaluu qaba.

Akka ilaalcha warra dhihaatti immoo buu'aan diinagdee bu'aa faa'idaa ummataa kan baasii irraa hafe irratti hunda'a. warri seera nam-tolchee bakka sadiitti isa quodu. Isaanis: **hafaa (kan dhimma namaa baasee irraa hafe) hojii fi hafiinsa wal-makaa** jedhama. Inni boodaa kun isa duraa caala guddaadha.sababni isaas waan bifti ittiin baasanu kan dirqamni itti nama hin geessin hedдуммаateef, tuutini hin omishne waan argamaniif, qindeessuu, omishaa fi bu'aa isaa raabsuu keessatti qajeelli waan hin jirreefi. Kan sadaffaa **hafaa wal-makaa** garaa garummaan omisha karoorfamaa fi soorama karoorfamaati.

**a. Gahee diinagdeen dabalaan madda guddina misoomaa keessatti qabu:** Yaanni dabalaan diinagdee dabalaan nam-tolchee keessatti damee karoorsuu keessatti itti fayyadamtii. Kunis waan ummanni sooramaaf oolfatu kan sadarkaa qusannaa bira hin kutin bifa irraa argamu baajata barbaadamu cufuu danda'u biratti daangessuudhaani.

Diinagdeen Islaamaa diinagdee dhimma namaa irraa hafu heddummeessuutti kakaasa. Kunis soorama fayyadama qabu fayyadamuuf garaa garummaa jidduu dabala dhufaa fi dabaluun ni malaa jedhamu dhifhisuudhaani. Tooftaan ittiin sana mirkaneessnu irraa muraasni: omisha dabaluu irratti kakaasuu, qusannaa jajjabeessuu, qisaasuu dhiisuudhaan baasii sirreessuufaadhaa.

Akkaataan itti fayyadama qabeenyaa walakkaa jiruuti.

**b. Madda qabeenyaa kan shari'aa:** Madda qabeenya shari'aa kan Qur'aanaa fi hadiisni dubbate kan akka boojuu, qabeenya diinni dhiisee baqate, gibiraa fi *jizyaa* of keessatti qabata. Maddi galii kun galii itti fufiinsa qabu waan hin taaneef. Madda galii diinagdee waaraa fi jabaa gochuudhaaf irratti hirkatamu miti.

Maddi qabeenyaa ya'aan qindeeffamaan immoo *al-Ushuur*, kenna tola oolinsaa (*sadaqaa*) fi zakaa of keessatti qabata. *Al-aashuur* kan jenne gibira daldaloota biyya biraayeroo jarri gabaa biyya Islaamaa keessatti daldalanu jara irraa fuudhamuudha. Kunis bu'uura bifa wal-fakkaatuun wajjiin hojjachuu jedhu irra fuudhame. Sadaqaan immoo waan namni fuula Rabbii barbaaduuf kenuu. Inni hojii Iimaana dhugoomsuudha.

Namni sadaqaa kennatu Rabbiin wajjiin daldalaa jira. Sadaqaan kan armaan gadii of keessatti qabatti: haqa qonnaa, kan meeshaa manaa, hiyyeessaa fi ijoolee abbaa hin qabne nyaachisuu, fi kara deemaa gargaaruu dabalatee jidduu Muslimootaatti wal-gargaaruu fi haqa keessummaa faadha.

**c. Gahee zakaan fandii (baasii) godhuu keessatti qabdu:** zakaan rogoota buuraa Islaamummaa keessaa isa jidduuti. Innis qabeenya qindeeffamtuu diinagdeef fandii godhuuf ooltuudha. Isiin kabajaa amantii kan maddi galii kamillee hin qabne qabdi. Sababni isaas waan isiin dirqama qabeenyaan kan amantii taateefi. Qalqalloon isii beekamaadha. Argamsiisuu fi raabsuufis beekamtuuudha. qabeenyi horsiisaaf/oomoshaaf qopheeffame irraa male hin baafamu. Fuudhuuf, kennuu fi raabsuufis yeroo qabdi. qabeenya nama kennuu kan jiddu galeessaa keessaa fuudhamti. Itti fufiinsi isaa abdachiisaa waan ta'eef misooma deeggaruuf madda galii mijjataadha.

Zakaan gosa diinagdee baasii isii walitti qabuu isii keessatti adda taatudha. Kunis waan abbaan amantii warra isii irra hojjatuuf isii keessaa qooda taasiseefi. Akkasumas zakaa kana argamsiisuu, horsiisuu fi baasuu keessatti nama gaarii fi lubbuu ofii to'atu irratti muuduun karaa godhama. Qalqalloon (meeshaan) isaa bal'aadha. Kunis waan inni nama qabeenya qabu hunda osoma sadarkaa itti gaafatama amantii hin geenyeellee of keessatti qabattuufi.

Wantoota qalqalloo isii bal'isan keessaa tokko hammi isii itti dirqama nama irratti taatu gadi bu'u isaati. Zakaan fixrii kan hanga itti zakaan dirqama ta'u guutuun ulaagaa hin taanes isaan keessa oola. dirqama isii kan qabeenya wal-horu

irra jiru irraa gara bal'ina qalqalloo isii fi qindoomina isiitti kenna.

Zakaan tarsimoo diinagdee keessatti of irratti hirkachuu hojiitti hiikuu keessatti quoda fudhatti. Kunis waan isiiin gama tokkoon wagga waggaadhaan deebituufi; gama biraatiin immoo kan naannoo isiitti raabsamtu ta'uu isiitiifi. Erga dhimma warra naannoo irraa fuudhamtee hanga guututti bakka biraan hin geeffamtu.

Akka muuxannoo seenaa irraa hubannetti yeroo zakaan qixa sirriitiin hojiitti hiikamaa turewanti isii irraa argamu akkamitti raabsama jechuudha malee rakkoon baajanni hir'achuu miti.

**2- Jijiirama kallattii kan zakaan sochii diinagdee irratti qabu:** sadarkaa si'aa'ina diinagdeetiin sadarkaan guddinaa daangeffama. Si'aa'inni sun gadi bu'uun kufiinsaa fi duubatti hafiinsatti akeeka. Si'aa'inni diinagdee jijiirama caasaa haaromsuu barbaada. kunis gama isaattiin baajata naannoo/gandaa ga'aa ta'ee fi akka wal-duraa duuba barbaachisummaatiin karoorfame barbaadda.

Zakaan bakka kanatti shoora jiddu galeessaa taphatti. Qabxiilee jiddu galeessaa sadii irra naannofti. Isaanis: osoo zakaa hin kennin ol-kaa'achuu loluu, misoomsuu (*investmentii*) irratti kakaasuu fi kennuu irratti kakaasuudha. Asii gaditti qabxiwwan kana sadan ibsina:

**A- Al-Iktinaaz (Osoo Zakaa Hin Kenning Qabeenya Ol-Kaa'achuu Loluu):** *Iktinaazni* qabeenya meeshaa isaa keessatti egameedha. Qur'aanni kabajamaa fi Sunnaan nabiyyii lama ta'anii kana irraa dhowwu.

Qur'aana kabajamaa keessatti kan armaan gadiitu dhufee jira:

﴿ يَأَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا إِنَّ كَثِيرًا مِّنْ الْأَجْبَارِ وَالرُّهْبَانَ لَيَأْكُونُ أَمْوَالُ النَّاسِ  
إِلَيْهِمْ وَيَصْدُونَ عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ وَالَّذِيَّاتِ يَكْنِزُونَ الْذَّهَبَ وَالْفِضَّةَ وَلَا يُنْقُضُونَهَا فِي  
الْبَطْلِ وَيَصْدُونَ عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ وَالَّذِيَّاتِ يَكْنِزُونَ الْذَّهَبَ وَالْفِضَّةَ وَلَا يُنْقُضُونَهَا فِي  
سَبِيلِ اللَّهِ فَبَشِّرْهُمْ بِعَذَابٍ أَلِيمٍ ﴾٣٤﴾ سورة التوبة: 34

“Yaa warra amantan! Hedduun beektota Yahuudaa fi qeesota Kiristaanaa irraa ta'anii qabeenyawwan namaa dharaan nyaatu; karaa Rabbii irraa deebisu. Warra ziqayaa fi meeta (warqii fi birrii/silverii) ol-ka'atan, karaa Rabbii keessatti isii hin kennine adabbi laalessaadhaan jara gammachiisi.” (Tawbaa: 34)

Hadiisa nabiyyii kabajamaakan Muslima gabaase keessatti kan armaan gadii agarra:

”ما من صاحب كنز لا يؤدي زكاته إلا أحمر عليه في نار جهنم  
فيجعل صفائح فيكون بها جنباه وجبينه حتى يحكم الله تعالى بين العباد  
في يوم كان مقداره خمسين ألف سنة مما تعودون، ثم يرى سبيله، إما  
إلى الجنة أو إلى النار ”.

“Abbaan qabeenya kamillee kan zakaa isaa hin kennine ibidda jahannamaa keessatti isii irratti ho'ifamee, ibiddi hafamee isiidhaan cinaachi isaa lammanii fi addi isaa hanga jidduu gabrootaatti murtin godhamutti gubama. Kunis akka lakkoofsa keessaniitti guyyaa dheerinni isaa wagga kuma shantama ta'e keessatti. Eeganaa karaa isaa arga. Yookii gara jannataa, yookii gara ibiddaa.”

Jechi *Kanzii* jedhu qabeenya warqii ykn silverii irraa walitti qabame, kan faayaaf ol-hin kaa'amin, qabeenya warqiifi silverii irraa walitti qabame ta'ee kan awwaalamaa fi haqa irraa

qabamaa ta'e, kan karaa Rabbii keessatti hin kennamnee fi kan zakaan isii hin kennammedha.

Iktinaazni sadarkaa si'aa'Ina diinagdee irratti dhiibbaa hamaa qaba. Kanaaf Islaamummaan qabeenya dchii keessaa waggaalii caala taassisuu ni dhowwa. Namni ol-kaa'atu waggoota sadii booda haqa hin qabu.*iktinaazni* damee qabeenya fi omishaa keessaa tokko akka inni hojji isaa galmaan gahuu dhowwa. Keessattuu maallaqa ol-ka'achuun waan ol-ka'annaan duudhaaleefi meeshaa wal-jijiirraa ykn sharafaa ta'eef miidhaan isaa cimaadha.

Ilaalchi seera nam-tolchee ol-kaa'achuu gatii dhalaatiin wal'aana. Toofaan kun immoo fashala isaa raggaasise. Sababa gatii dhabun isii hamaanii fi gara kufiinsa (*kasaaraa*) maallaqni hanga ittiin fayyadamu irra dabaluufi dadhabuutti geessa. Faallaa kanaa zakaan meeshaa ol-kaa'annaan dura dhaabbachuu/hambisuu keessatti gahee guddaa qabduudha. Kunis waan isin qabeenya ol-kaa'atame san dhumiinsaan akeekkachiistuufi. Faallaa kanaa Zakaan dognummaa fi ofittummaa irraa tiksiti.

Hadiisa Anas bin Maalik (RA) irraa odeeoffame keessatti ergamaan Rabbi (SAW) akkana jedhan:

ثَلَاثُ كُفَّارٍ ثُمَّ ثَلَاثُ دَرَجَاتٍ ثُمَّ ثَلَاثُ مُهْكَاتٍ فَأَمَّا الْكُفَّارُ اثْ : فَإِسْبَاعٌ  
الْوُضُوءِ فِي السَّبَرَاتِ وَإِنْتِظَارُ الصَّلَوَاتِ بَعْدِ الصَّلَوَاتِ وَنَقْلُ الْأَقْدَامِ إِلَى الْجُمُعَاتِ وَأَمَّا  
الدَّرَجَاتُ : فَإِطْعَامُ الطَّعَامِ وَإِشَاءُ السَّلَامِ وَالصَّلَاةُ بِاللَّيلِ وَالنَّاسُ نِيَامٌ وَأَمَّا الْمُهْكَاتُ :  
فَالْعَدْلُ فِي الْغَضَبِ وَالرَّضَا وَالْقَصْدُ فِي الْفَقْرِ وَالْعَنْى وَحَشِيشَةُ اللَّهِ فِي السُّرِّ وَالْعَلَانِيَةُ  
وَأَمَّا الْمُهْكَاتُ فَشُحُّ مُطَاعٍ وَهُوَيْ مُتَّبَعٌ وَإِعْجَابُ الْمَرءِ بِنَفْسِهِ .

“Waa sadii yakka nama irraa haqa, waa sadii sadarkaa namaan dabalti, Waa sadii ofkolchituudha. Waa sadii bal'eessituudha. Kan yakka nama irraa haqxu yeroo qoraa wudu'u'a guuttachuu,

salaata booda salaata eeggachuu fi gara Jumu'aatti miila fuudhuudha. Sadarkaleen immoo nyaata nyaachisuu, nageenya (*salaamataa*) facaasuu fi yoo namni rafu halkan salaatuudha. Ofkolchituun immoo yeroo dallansuu fi jaalalaas haqa hojjachuu, yeroo iyyummaa fi durummaas jiddu galeessa ta'uu fi ifattii fi dhoksaattis Rabbiin sodaachuudha. Bal'eessituun immoo dognummaa isiidhaaf ajajaman, fedhee lubbuu hordofamuu fi namni lubbuu isaa raajjiffachuudha."

Zakaan soo zakaan hin basin ol-kaa'achuu fi akka qabeenyi hin sochoone qabuu ni dhowwa. Qabeenyi wal-horu keessatti humnaan ykn hojjidhaan dirqama taati. Maallaqani qabeenyi wal-horuu waan ta'eef ittiin hojjatamuu fi misoomsamuu qaba. Zakaan kan dirqama ta'ubu'aa irraayyi malee qabeenyi hindoo irraa miti. Rabbiinakkana jedhe:

يَسْأَلُونَكَ عَنِ الْحَمْرِ وَالْمَيْسِرِ قُلْ فِيهِمَا إِثْمٌ كَبِيرٌ وَمَنْفَعٌ لِلنَّاسِ وَإِنْمَهْمَا أَكْثَرُ  
مِنْ نَفِيْهِمَا وَيَسْأَلُوكَ مَاذَا يُنْفِقُونَ قُلِ الْمَفْوُثُ كَذَلِكَ يُبَيِّنُ اللَّهُ لَكُمُ الْآيَتِ لَعَلَّكُمْ تَنْفَكِرُونَ

219 سورة البقرة: 

“Dhugaatii alkoolii fi qumaara irraa si gaafatuu “Yakka guddaa fi faa'idaa namaatujara lamaan keessa jira; yakka jaraatu faa'idaa jaraa irra guddaadha” jedhi. Waan kennatanu irraa si gaafatuu “Waan dhimma keessan irraa hafe”<sup>8</sup> jedhi.

<sup>8</sup> Nama osoo ofii rakkatuun namaaf kennee booddee gaabbuuf/sheena'uuf waan dhimma isaa irraa hafe kennachuutu isaaaf caala; nama iimaanaa fi murannoo jabaa qabuuf yoo ofii dhiisee namaan kenes sadarkaa ol-aanaadha.

*Akkasitti akka xinxaltanuuf aayatoota isiniif ibsa.” (Al-Baqaraa: 219)*

Zakaan Kan isiin adabdu maallaqa hojiin ala taa’u, ykn qabeenya ol-ka’amaa qofa osoo hin taanee wantoota omishaaf oolan kan osoo hojii omishaa keessatti faaydaa irra hin oolin hafanis ni adabdi. Zakaan karaa *nisaaba* (hanga zakaan itti dirqama ta’u) xiqqeessuun humna hojiin alaa kuufamee taa’uu hojii irratti kakaasti. Kana bira dabartee sababoota osoo zakaa hin baasin qabeenya ol-kaa’achuutti geessitu dhabamsiisuudhaan ykn hanga danda’ame xiqqeessuudhaan ol-kaa’annaa akkasii lolti.

Ammas zakaan sababoota ol-ka’annaatti nama kakaasan ni wal'aana akkasiitiin wal-qabattu wal'aanti. Isaanis fedhii rakkinoota ni uumama jedhenii hin eegneef maallaqa kuufachuu, galtee ni uumama jedhamee eegamu qunnamuuf kuufamu, kakaastuu taatee eegamtuu dura dhaabbachuu ooltu, namni uumamaan qabeenya jaal'achuu, kakaastuu tika dhaaltotaa, kakaastuu fuul-duratti dhaaltota tiks, kakaastota walabummaa sochii hojii keessattii, kakaastuu waliin hojjachu (hojjachiisuu) fi kakaastuu faaydaa irraa fayyadamuuti.

Gama biraatiin immoo zakaan gama namaa raabsamuutiinis *iktinaaza* ni lolti. Innis garee qusannaa isaanii baay’ee gadi bu’aa ta’e irratti waan raabsamuufi. Kan *iktinaaza* (osoo zakaa hin kennin ol-ka’achuu)tti dabu immoo maal dubbattaayyu!

**b- investmentii irratti kakaasuu:** Iktinaaza dhowwuun jijjiirama zakaa kan kallattiitiif sadarkaa si’aa’ina diinagdeetti cinaacha dadhabinaati.

Jijjiiramni cinaacha jabenaa inni diinagdeef qabu immoo karaa Rabbii keessatti kennachuudha. Qabxiilee kana karaa sad'iin ilaalla: hiika investimentii akka afaanii fi shari'aatti qulqulleessuu, jijjiirama misoomsuun sadarkaa diinagdeetti qabu qo'achuu fi gahee zakaan misoomsuu irratti qabu. haala armaan gadiitiin ibsina:

**1. hiika investimentiii akka hiika lugaa fi shari'aatti:** Misoomsuu jechuun akka hiika afaniitti firii, waan mukni baatu, gosoota qabeenyaa fi ilmooti. Firiinis gosoota qabeenyaa irraayyi. Kana jechuun warqii, birrii fi qabeenya bu'aa buusu jechuudha. Faaydaa waa irraa argamu hundaan firii isaati jedhama. Akka Isxilaahaatti immoo qabeenya hindoo (haadhoo) irratti dabaluu jechuudha. Daballi kun kaappitaala dhaabbataa, jijjiiramaa ykn yaa'aa ta'us tokkuma.

Meeshaa irratti maallaqa baasanii dhuma irratti bu'aa argamsiisuuf yaaduun tooftaa bu'aa argachuuf taasifame malee mataa isaatiin bu'aa miti. Hiikni misoosuu akka ilaalcha lamaaniitti-ilaalcha Islaamaa fi warra seera nam-tolcheetti maal akka ta'e asii gaditti ibsina.

**a. Investmentii akka diinagdee warra seera nam-tolchee hordodfuutti:**

Hayyoota diinagdee maakroo biratti investimentii jechuun oomisha dur oomishamee hawaasa bira jiru irratti yeroo itti aanuuf oomisha dabaluuf jecha oomisha madaala (unit) tokko dabaluu jechuudha. Akka hiika kanaatti wantoota armaan gadii of-keessatti qabata: pirojektii haaraa uumuf maallaqa ramaduu, ykn kan eegalame xumuruuf, ykn kaapitaala duraan jirtu

haromsuuf kennan. Iddoo kanatti gosa investimentii lamaanii adda baasuun ni danda'ama. Innis investimentii walii gala fi investimentiiquulqulluudha. Investimentiin walii galaa kan yeroo daangeeffamaa ta'ee bu'aa walii gala osoo baasii bu'uuraa keessaa hin baasiniiti.

Investimentiin qulqulluun immoo bu'aa erga baasii keessaa shallaganii baasanii booda kan argamu. Inni kun bu'aa qulqulluu ol-kaa'ame, bu'aa qulqulluu turaa fi bu'aa qulqulluu alaa irraa ijaarama.

Cuunfaan dubpii investimentiin qabeenya kallattiidhaan sooramaaf baafamtu osoo hin taanee qabeenya biraan kan investimentii fi soorannaaf ooluudha. Kunis baasii sadarkaa hojjattootaa fi hoggantootaa dabaluuf baafamus ni hammaate. kan jechuun kaappitaala humna nammaa guddisuu jechuudha.

Gosoota investimentii lamaan akka armaan gadiitti adda baasuun ni danda'ama:

Investimentii dhalaa fi investimentii of-danda'aadha. Kan duraa jijiirama sadarkaa galii fi omishaa irratti mul'atu yoo ta'u. Kan lammaffaa immoo jijiirama alaa kan akka dagaagina teknoolojii fi investimantiiwwan walii gala kan karoora yeroo dheeraati.

Akka sirna diinagdee Islaamaatti investimantii yoo ilaalle, dameelee omishaa hunda keessatti bifaa seera shari'aa Isalaamaa eeggateen qabeenya guddisuu/horsiuu jechuudha. Kanaaf si'aa'Ina jabaa (+ve) Kan shari'aa Isalaamaa irraa maddeedha. Kaayyoon isaa kaayyolee shari'aa Isalaamaa shanan eeguudha. Shanan kunis: amantii, lubbuu, sammuu, qabeenya fi hortee tiksudha.

(2) **Jijiirama investimenti**ii **sadarkaa sochii diinagdee irratti qabu:** hojiin investimenti kan sadarkaa si'aa'ina diinagdeetti jijiirama gaarii fidu investimenti qulqulluudha. Hariiroon jidduu reeshoo dagaagina diinagdee fi investimenti jirtu hariiroo kallattiiti. Kunis kan ta'uu danda'eef investimentiin maallaqa jiru irratti jijiirama fiduudhan guddina diinagdee kan yeroo dheeraa daangessuudhaaf ijoodha. Kana hordofuudhaan immoo galii ummataa irratti jijiirama fida. Ammas humna hojjatu haraa dabala. Akkasumas yeroo gabaabaa keessatti barbaadama walii gala fi reeshoo itti fayyadama qabeenya argatamu irrattis jijiirama fida. Kan hordofuudhaan galii ummataa irratti jijiirama fida.

Diinagdee warra seera nam-tolchee hordofuu- kan sirna Kaapitaalizimii- keessatti qindooftonni/dhaabbanni sadarkaa omishaa fi hojii sadarkaa bu'aa ol'aanaa itti isaaniif mirkaneessu kan daangessanu ta'uutu mul'ata. Dhundhulli investimenti hamma kaappitaalaa fi faaydaa/dhala isa irraa argamu irratti hunda'a. diinagdee Islaamaa kessatti immoo gatiin dhala dhundhula investimenti daangessuu keessatti. bakka hin qabu. Rabbiin (SW) akkana jedhe:

الَّذِينَ يَأْكُلُونَ الْبَيْوَا لَا يَقُولُونَ إِلَّا كَمَا يَقُولُ الَّذِي يَتَحَبَّطُهُ السَّيِّطَنُ مِنَ الْمَيْنَ ذَلِيلٍ  
يَأْنَهُمْ قَالُوا إِنَّمَا الْبَيْعُ مِثْلُ الْبَيْوَا وَاحْلَالُ اللَّهِ الْبَيْعَ وَحَرَمَ الْبَيْوَا فَمَنْ جَاءَهُ مَوْعِدَةٌ مِنْ رَبِّهِ فَإِنَّهُ فَلَمْ، مَا  
سَلَفَ وَأَمْرُهُ إِلَى اللَّهِ وَمَنْ عَادَ فَوْلَتِيكَ أَصْحَدُ النَّارِ هُمْ فِيهَا خَالِدُونَ ﴿١٧٥﴾ سورة البقرة :

275

"Warri dhala nyaatan akka isa (nama) shayxanni maraatummaan isa xuqe kukkufutti male hin dhaabbatanu. Sun

*jaratu “Gurgurri/Daldalliyyuu akkuma dhalaati” jedha. Rabbiin daldala eeyyamamaa godhee dhala dhoowwamaa godhe. Namni gorsi Rabbii isaa biraat isatti dhufnaan dhowwame waanti darbe isaafi. Dhimmi isaa gara Rabbiiti. Namni (itti) deebi’e jarri sun warra ibiddaati. Jarri isii keessa yeroo daangaa hin qabneef jiraatu.”* (al-Baqaraa: 275)

Faaydaan ba’aa/hojii jedhaani. Wanti bu’aa kajeelamu ykn mirkana’aa argamsiisu seera shari’aa kan kaayyolee shari’aa keessa jirtuun daangeffamaadha. Kanaafuu gaheen misoomaa sonoowwan amantii Islaamaatiin daangeffama malee sona bu’aa guddisuttiinii miti. Hiikumti bu’ayyuu qabeenya qofa osoo hin ta’in bu’aan qaama miiraatiin hin mul’anne (kan afuuraa) fi kanamala gaarii, kan ittiin gabbaran wajjin jiraachuu ykn dura darbuu danda’a. Kenni tola ooltummaa qabeenya irraa hin hir’isu. dogni takkaa bu’aa hin buufanne. Dabalataanis ilaalchi Islaamaa qabeenya tiksuu jabeessa. Lafa tokko yoo lafa akka isaa ykn kan isa caalu hin bitin gurguruu ni dhowwa.

**(3) Shoora zakaan misooma irratti kaasuu keessatti qabu:**  
dirqamni zakaa warra qabeenya kuufatan waan humna omishaa dabalu irratti hojjachiisuutti kakaasa. Zakaan akka namni hundee qabeenya hindoo osoo hin ta’in bu’aa hojii irraa dirqama kana kennuuf misooma irratti kakaasti. Islaamummaan abban-qabneellee akka qabeenyazakaan hin nyaanneef akka horichaan hojjatamu ajaja. Kana jechuun oomisha qabeenyaa ykn tajaajilaa jechuudha.

Zakaan sadarkaa eeginsa (expectation) hojjattoonni sadarkaa si’aa’Ina fuul-duraatti qaban tolchuu keessatti shoora guddaa taphatti. Kana jechuun gabaan galii gaarii garee

hiyyeeyyii baasii guddaa qabduuf qooduu irra deebisuu irraa madde bal'achuu ilaluudhaan qabeenya fuulduratti alaa seenu tilmaamuudhaan sadarkaa of-gahiinsa kaappitaala ol-fuudhuudha.

Barbaachi misoomsuu diinagdee Islaamaa fi kan warra seera nam-tolchee hordofuu badhaasa isa irratti argamun wal-dhaba. Badhaasni Islaamamummaa karaawwan galii qabeenya gadi bu'aa ta'eetti kennutti kakaasti. Kan akka masjiida, mana barumsaa fi warshaalee Rabbiif jecha ijaaruuti. Akkasumas misooma fedhiidhaan godhamu, zakaa irraa qabeenyawwan hundee raggatuu keessatti omishamte irraa liqii kafaluu irratti gargaara. Bu'aan isa irraa eegamu gadi bu'aa ta'uu wajjin piroojeektiwwan baay'ee barbaachistuu taate irratti kennus ni gargaara. Wanti asitti itti akeekuun barbaachisu zakaan galii gibraa fi maallaqaa irraas misoomsuutti ajaggi.

Bakki zakaan irraa fuudhamtu qabeenya kaashi kan hojiin ala taa'u irraayyi malee qabeenyainvestimentii irra jiru, kan hojii irra oole irra miti. Oomishni qabsoo fi investimentii guddaa barbaadu yerooisa gabsoo fi misoomsuu irra xiqqaa barbaadu wajjiin yeroo wal-bira qabnu zakaa irraa kutaa tokko ni dhiisa. Midhaan isa roobaan omishamu  $1/10^{ffa}$  irratti dirqama godha. Kan namni meeshaadhaan (ykn humnaan) obaase irraa immoo  $\frac{1}{2}$  ( $1/10$ ) = $1/20$  dirqama godha.

Bakka isiin itti kennamtu ilaachisee immoo islaamummaan warra hojjatachuu danda'aniif zakaa kennuu dhowwamaa gochuudhaan hojii irratti kakaasti. Tarii yoo warra hojii dhabaniif carraa hojii banuuf taate malee fudhachuu haqa hin godhatu ture.

Akka hiyyeeyyiin isii fudhatanii warra zakaan Kennan ta'aniif isaaniif kennamti. hangi kennamu waan nama fudhatuuf hojii hanga umrii isaa isaaf geessuu isaaf uumtudha. Biyyi sanaan warshaaleee, manaa fi dhaabbilee daldalaa hojjattee hiyyeeyyiidhaaf kennuu dandeessi.

Akkasumas ogummaa hiyyeeyyiifooyyessuu fi jiruu isaanii gama hundaa tolchuu keessatti itt fayyadamuu ni dandeessi. Zakaan keessa gahee gabra bilisoomsuutu jira. hojjattoota irraa liqii kafaluu fi qaama hojjattootaa warra kabajaa qaban walaboomsufis kennamuu ni danda'a.

Gahee warra liqii qabanii irraa balaa kan daldalaa hin ta'inii fi faaydaa namoota biraatiif oolchuun ni gaya. Kabajaa fi jidduu namaa walitti tolchudhaaf kaayyoo ol-aantuu qabanii, warra liqii qabanif mogoonni kee ni kafalama jedhanii wabii ta'uudhaaf kennamuus ni danda'a. kunis kan ta'u yoo namni sun kan inni liqeeffateef seera Rabbii cabsuun hin ta'inii fi rakkoo isa irraa ka'een kafaluu hin dhiisini. Akkasumas gahee warra liqii (*deenii*) qabanii irraa sanduuqa (account) addaa bananii akka jarri qabeenya dhalaa hin barbaanne gochuunis ni danda'ama. Gaheen warra liqii qabanii kennamisoomaatti ilaalamu. Kunis waan misoomni/omishni yeroo balaa, rakkoo fi haala guyyaa kessa dhuftee magaalaa beelessitu gargaarsa qabeenya kennuu lubbuu isaatiin amanuufi.

Gaheen isa karaa Rabbii keessatti kennamuu immoo daangaawwan biyyoota Islaamaa diina jaraa warra alaa irraa eeguudhaaf kennama. Warshaa istiraateeji fi lolaa ittiin dhaabuunis ni danda'ama. Karaa Rabbii jechuun kan armaan gadii hunda hammata. Dhaabbilee warshaalee misoomaa kan

dhimmoota diinagdee, waraanaa fi wantoota faaydaa walii gala hundaaf oolu dhaabuu.

**(4) Jijiirama Zakaan Kennachuu Irratti Kakaasuu Keessatti Fide:** ijoon qabxii kanaa jijiirama zakaan kenna irratti kakaasuudhaan sadarkaa si'aa'ina diinagdee irratti qabdu ibsuudha. Ijoo kana qabxiwwan sad'iin ibsina. Isaanis:

**a. hiika zakaa akka hiika afaanii fi shari'aatti ibsuu:** karaan zakaan ittiin sadarkaa guddina diinagdees ta'ee kenna dabaluu irratti jijiirama fiddu akka armaan gadiitiini.

**Hika kennachuu akka lugaa fi isxilaahaatti: infaaq** (kennuu) jechuun fixuu, xiqqeessuu jechuudha. Akka Isxilaahaatti immoo faallaa zakaa dhowwatani qabeenya qabchuuti. Zakaa kennuu didanii ol-kaa'achuu dhabuu fi kennuu wama tokko karaa lamaan ibsuudha. Islaamummaan karaa Rabbii qofa keessatti kennachuutti ajaja. Qabeenyaan karaa seera Rabbii cabsuu osoo hin ta'in baasi fi misoomaaf kennamu hunduu karaa Rabbii keessa.

Qur'aana kabajamaa keessatti keeyyatoota Qur'aanaa 75 karaa Rabbii keessatti kennachuu irratti kakaasa. Qabeenyi harka dureeyyi jiru qabeenyaan Rabbiiti. Jarri isii keessatti bakka bufaman. Gama biraatiin qabeenyichi kan gareeti. Namni qabeenyi harka isaa jiru hundi waan isa bira jirtu sana irratti bakka bu'aa godhame. Kenni dureeyyi qofa irratti hin gabaabbatu; dureeyyi fi hiyyeeyyiis wal-gaha. Rabbiinakkana jedhe:

لِيُنْفِقُ ذُو سَعَةٍ مِّنْ سَعْيِهِ وَمَنْ قُرِرَ عَلَيْهِ رِزْقُهُ فَلَا يُنْفِقُ مِمَّا أَنَّهُ أَنَّهُ لَا يَكْلُفُ اللَّهُ نَفْسًا إِلَّا مَا آتَاهَا

سَيَجْعَلُ اللَّهُ بَعْدَ عُسْرٍ يُسْرًا ٧: سورة الطلاق:

“Abbaan qabeenya bal’ina isaa irraa haa kennatu. Namni hireen isaa isa irratti dhiphifame waan Rabbiin isaf kenne irraa haa kennu. Rabbiin lubbuu tokko waan isiidhaaf kenne malee hin dirqu. Rabbiin sichi dhiphina booda bal’ina taasisa.” (Xalaaq: 7)

Namni hunduu qabeenya Muslimootaa irratti bakka buufame san irraa kennuu dirqama qaba. Karaa Rabbiin eeyyameen haa ta’u qofa. Nabiyyiin (SAW) Muslimni hundu kennaa tola ooltummaa nama isa irra hiyyeessa ta’eef kennuutu jira jechuutti nu keekan. Namni Muslimaa tokko dhimma mataa isaa, kan nama oggansa isaa keessa jiruu guutuu fi kan hojii hin tolchinee fi rakkataa gargaaruu qaba. Yoo qabeenya kennatu hin qabne jecha gaarii kennachuu fi hamtuu irraa of too’achuu qaba. Kuniyyuu mataan isaa yeroodha. Yeroo akka kanatti ilaalle karaa Rabbii keessatti kennachuu jechuun dirqama zakaa caala bal’aadha. Wagga guutuu fi hanga murtawaas hin qabu. Caalaan namaa hiyyeessa hanguma qabu irraa kan kennatuudha.

### b. Jijiirama Kennachuun Sadarkaa Si’aa’Ina Diinagdee Irratti Qabu.

Hariiroon jidduu investimentii fi kennuu hariroo wal-jijiiruuti. Gulantaan yeroo gadi buunaan gabaa irraa daangeffamee eeggannaa (expectetion) abbootii hindoo irratti dhiibbaa fida. Akka isaan misoomsuu irratti wal-gahan isaan godha. Faallaa kanaa baasii nama dhuunfaa, maatii fi mootummaatiin barbaachi ol-ka’uun gulantaan si’aa’ina diinagdee ol-ka’uutti geessa.

Wanti Qur'aana kabajamaa irraa argamu keeyyatoonni hedduun zakaa, *sadaqaa* (kenna tola ooltummaa) fi *kaffaaraa* (kenna adabbi yakkaa) kennuutti kan kakaasu ta'uu isaati. Keeyyatoonni kun Rabbiin (SW) yeroo hunda kenna dirqamaa fi kan fedhiinii akka kenninurraa barbaadu jechuu akeekti. Wanti hamaan qabeenya keessaa osoo zakaa hin kennis ol-kaa'achuudha. Toltuun immoo osoo hin dognoomin, osoo hin qisaasin karaa Rabbii keessatti kennachuudha. Rabbiin akkana jedhe .

وَالَّذِينَ إِذَا أَنْفَقُوا مِمْنَ أُجُورِهِمْ لَمْ يُشْرِقُوا وَلَمْ يَقْتُلُوا وَكَانَ بَيْنَ ذَلِكَ قَوْمًا ﴿٦٧﴾ سورة الفرقان: 67

**“warra yeroo kennatan hin qisaasne, kan hin dognoomne, jidduu kana dhaabbatan.”** (al-Furqaan: 67)

Harka gubbaatu harka jalaa caala. Kenni, nama kennatuu fi tuuta isaa irratti toltootaa deebi'a. Kunis waan namni tokko hawaasa keessa kophaa isaa hin jiraanneefi. Wantoota jiruu isaatiif barbaachisan guuttachuuuf warra kaan wajjin wal-gargaaruu irraa hafiinsi hin jiru. kenni qabeenya nama kennatuu ida'a. waan inni nama biraatiif kenne bakka buustiif. Rabbiin akkana jedhe:

قُلْ إِنَّ رَبِّيٌّ يَبْسُطُ الرِّزْقَ لِمَنْ يَشَاءُ مِنْ عِبَادِهِ وَيَقْدِرُ لَهُ وَمَا أَنْفَقْتُ مِنْ شَيْءٍ وَفَهُوَ يُخْلِفُهُ وَهُوَ خَيْرٌ سُورَة سَابٍ ﴿٣٩﴾ الرَّازِيقَ

"Rabbitiin kiyya gabroottan isaa irraa abbaa fedheef hiree ni bal'isa; (abbaa fedhetti immoo) ni bal'isa. Wama fedhe haa ta'uu waan kennattan inni bakka (isiniif) buusa. Inni caalaa warra namaaf kennuuti." Jedhi. (Saba': 39)

**(5) Shoora Zakaan Kenna Ida'uu Keessatti Qabu:** zakaan kenna dirqamaati. Akkuma dubbanne omisha keessatti qooda guddaa qabaattus akkasuma kenna baasii fi omishaa dabaluu keessattis shoora guddaa taphatti. Namni gariin zakaan hormaata qabeenyaa irratti duula, hoji-dhabdummaa irratti kakaasa kan se'utu jira. kunis waan inni kenna baasiitiif ulaa hedduu waan banuufi. Yaanni kun gonkumaa sirrii miti. Zakaan gama walitti qabuutiin carraa hojii namaaf bana. Haala dadhabinaa, dhukkubaa, dullumaa fi hoji-dhabdummaatiif gargaarsa taati.

Zakaa baasuun yoo of danda'an qofa. Kana jechuun erga namni zakaa kennu dhimmoota isaa bu'uuraa hunda guuttatee jechuudha. Dhimmi isaa kan baasii garaa garaa inni lubbuu isaa fi mana oggansa isaa jala jiruuf baasu, manni, meeshaan lolaa, huuccuun qorraa fi ho'a ittiin ofirraa eeggatan, meeshaaleen mana keessaa, beeylanni yaabbii fi kitaabban barnootaas kana keessa seenan.

Akkasumas zakaan gama iddoofa isiiin itti kennamtuutiin yoo ilaalles kenna baasii walii galaa kan meeshaa fi tajaajilaa irratti kakaasti. Daballi baasii keessaa sun daangaa dabala xiqqaa galii keessaatti taati. Akeekni baasii diinagdee Islaamaa keessatti qabxii daangaa of danda'iinsaa bakka buutu biratti bu'aa zakaan argamuu taatee haaromti. Kanaaf daangaan dabiiinsa baasii hanga zeeroo gahutti dabala galitiin wal-faallessa. Akkasumas yeroo baasiin bakka qisaasuu fi balleessuu isa irraa dhowwamaa sana gahee dabala galitiin wal-faallessa.

*Fuqaha' onni* (beektonni Islaamaa) daangaan kyeroo nama qabeenyaa hin qabnee fi carraaqqachuufis humna hin

qabneef waan hojii umurii isaatiif isa gahuuf kan oolu kennuudhaaf jechuu irratti walif galan. (F. 307-313)

### **3- Shoora Al-Kallattii Zakaan Sadarkaa**

**Si'aa'Ina Diinagdee Keessatti Qabu:** qabxiin kun wantoota sadii of keessatti qabatti. Isaanis: omishtummaa dabaluu diinagdee olii fi gadi sosochoo'u irraa tiksuu fi zakaa dachaan dabaluudha. Isa kanas akka asii gadiitti ibsina:

**a- Oomishtummaa dabaluu:** *qiyaasni* hubannoo hojjachiisuu, faallaan isaa kan isaan walitti hidhata qabuu (hojii dhabdummaa) dha. Barbaachisummaan isaas sadarkaa oomisha fi qabeenya biyyaa irratti ilaalamta. Kana immoo karaa sadii'iin ibsina. Isaanis: hiika hojii dhabdummaa fi omishtummaa, barbaachisummaa oomishtummaa guutuu ibsuuftaatee zakaan omishtummaa guutu mirkaneessuu irratti qabu eeguudha.

**(1) Hiika oomishtummaa fi hojjidhabdummaa ibsuu:** diinagdee keessatti hiikni omishtummaa waan tokko tokkoon humna hojjattuu (humna misoomaa) warra hojii barbaadanuu fi isa bareechan bakka bu'a. akkuma baayyinni hojjattoota kanaa guutuu baay'ina humna misoomaa kanatti dhihaatuun humni kun hojjachiisuu guutuutti dhihaanna. Hiikni kanaa oomishtummaa jechuun namoonni gatii humna baratamaan hojjachuu barbaadan hunda miidhama guddaan male hojii argachuudha. Kana jechuun sadarkabiyya san keessa hojii dhabdummaan hin jirre jechuudha.

Bakka kanatti jidduu hojii dhabdummaa gosa lamaanii adda baasuun dirqama ta'a. Hojii dhabdummaa filannoo fi hojii

dhabdummaa dirqamaati. Hojii dhabdummaa filannoo jechuun keenya gareen humna omishaa fedhii isaaniitiin hojii isaanii dhiisaniidha. Hoji-dhabdummaa dirqamaa yeroojennu immoo gareen humna omishaa kan dandeettii fi fedhii omishaa qabanu hojii argachuu dadhabuu jechuudha.

Warri diinagdee hedduun rakkoo hoji-dhabdummaa irraa madda. sirni diinagdee kamillee hojii guutuu mirkaneessuun waan darbee darbee qofa argamu. Hangi hoji dhabdummaan dirqamaa kan irratti obsamuu danda'u 3% hanga 5%ti. Kun hojii dhabdummaa *ihtikaakiyyaa* (hojjattooni muraasni yeroo muraasaaf hojii dhabuu) jedhamuudhaan beekama.

Hoji-dhabdummaan caasaa immoo diinagdee sirna duraanii keessatti goса hojii dhabdummaa dirqamaa keessaa tokko ta'ee sababa jijiiramni walitti dhaabbataan teknoolojii keessatti, ykn dhimmoota walii gala keessatti, ykn soorattootaa keessatti argamuudhaan, ykn meeshaan (maddi) haaraan aragamuudhaan, ykn meeshaan jiru baduudhaan kan mudatuudha.

Diinagdeewan duubatti haftuu keessatti immoo hoji-dhabdummaan caasaa kan omishaaf oolan wal-madaaluun dhabamuu irraa argama. Isiin kun bifa hoji-dhabdummaa dafee darbu hin qabattu. Hoji-dhabdummaa yeroo dheeraaf turuudha. Kana jechuun baay'inni humna hojii hojjatuu sadarkaa baratame caala argamuudha. Kana hordofee humni omishaa zeeroo ta'uutu mudata. Haalli akkasii biyyoota diinagdeen duubatti haftuu, keessattu warra qonnaa keessatti hedдуммаата. Mallatoo isii keessaa: baattonnii fi daldalaalli dhiphoon kan meeshaa hedduu naaf dhiheessuu hin dandeenyetu hedдуммаата.

## **(2) Barbaachisummaa Omishtummaa Guutu:**

siyaasaan diinagdee diinagdee hedduu keessatti sadarkaa omishtummaa ol-aanaa irratti xiyyeefattu. Kunis gosoota hoji-dhabdummaa hunda ilaalcha keessa galchuu wajjini. Keessattuu hoji-dhabdummaa dirqamaa. Sababnis waan isiin nama dhuunfaa fi hawaasa irratti miidhaa fidduuf, irraa qulqulla'uun dirqama waan ta'eefi.

## **(3) Shoora Zakaan Oomishtummaa Dabaluu**

**Keessatti Qabdu:** hojii dhabdummaan rakkoo diinagdee, hawaasummaa fi namummaa hamtuudha. Kan jechuun maatiin galii dhabu jechuudha. Meeshaalee fi tajaajiloota gabaatti dhihaatan irratti barbaadamni ni xiqlaata. Si'aa'inni diinagdee gadi bu'a. kufinsis (*kasaaraan*) argamuus ni danda'a. kun hundi kan argamu osuma humni namaa hojjatuu danda'u jiruuti. Akka hawaasummaattis bakka banaa fi dhiphina qomaa namatti fiddi.

Kanaaf Islaamummaan hojjatachuu fi moggaalee dachii keessa deemuutti kakaase. Yoo yaanni gaariin, qulqllina hojii fi amaanaan wajjin jiraatte hojiin akka *ibaadaa* (gabbartii Rabbii) tti ilaalam. Dirqama zaka hojiitti hiikuun gulantaa oomishummaa isaa ol-kaasa; hojiitti gara galuu dabala. Zaka namni humaanaa fi fayyaa fudhachuun dhowwamaadha. Kanaaf isiin madda filannoo ofitiin hojii dhiisuu gogsiti. Gulantaa waan barbaadamuu ol-kaasuudhaan hojii dhabdummaa kan dirqama dhufuu daangessuu keessattis qooda fudhatti. Gaheen warra isii irra hojjatuu nama ulaagaa guuttateef carraa hojii banti.

Ulaagaaleen Rabbiin ol-ta'e Zaka irraa fudhachuun karaa godhamuudhaaf kaa'e kan armaan gadii of keessatti hammata:

Namni fudhatu sun hojii eeyyamamaa (*halaala*), kan rakkina irratti obsamuun danda’amu kan carraaqqatu dhabuu.

- Kan isa fakkaatuu fi haala isaa, safuu isaa fi iddoo isatiin wal-simatu ta’uu.
- Hanga isaa fi nama hoggansa isaa jala jiru gahu qofa fudhachuu.
- Yoo ulaagaaleen armaan olitti tarreffaman hin guutin namni dhuunfaa ulaagaan kun guutamuu abbaa taaytaa dhimmi ilaalu gaafachuun mirga isati.

**4- Gara Gaggaliinsa Irraa Diinagdee Eeguu:** sadarkaa si’aa’Ina sirna diinagdee seera nam-tolchee keessatti gara gaggaliinsi mallattoo turtuudha. Beektonni diinagdee gara gaggaliinsa irraa qulqullaa’uudhaaf, yoo xiqqaate xiqqeessuudhaaf tattaafatu. Qabxii kana karaa sadi’iin ilaalla. Isaanis: hiika jijiiramaa diinagdee fi gosoota isii, sababoota gaheewwan saniitii fi karaa ittiin wal’aanantu fi jijiirama zakaan diinagdee gara gaggaliinsa irraa eeguu keessatti qabu. qooda kanas akka armaan gadiitti ilaaluu yaalla:

**a- Hubannoo dhiibbaa fi marsaa diinagdee fi gosoota isii:** hayyooni diinagdee gariin marsaa gatii guddinaati, haala isaa irraa madditi jechuu yaadu. Jijiiramni sun diinagdee duraanii irraa gara isii guddachuu jalqabdeetti hiiqxi. Gara gaggaliinsi gosa afuritti qoodama. Isaanis: kan woqtiilee, kan akka tasaa argamtu, kan dabaree fi kan kallattii ykn yerooti. Jijiirama dabareetu irra yaachistuudha.

Dabareen diinagdee hunduu gulantaa afur wal-hordoftuu keessa dabarti. Gulantaa dammaqaa/ka’umsaa fi

haalawwan tolchuu, gulantaa badhaadhinaa, gulantaa of duuba deebi'insaa fi gulantaa kufiinsaati. Gulantaaleen kun guutuun guutuutti naannoo lama keessatti wal-hin fakkaattu. Dheerinni isii wal-dhaba. Dabaree/naannoo sana irra gosoota sadii ilaaluun ni danda'ama. Isaanis: diinagdee yeroo gabaabaa (jidduu baatii 18 fi baatii 4 turti), diinagdee yeroo jiddu galeessaa (jidduu wagga 8 hanga 10ti) fi naannoo diinagdee yeroo dheeraati (dheerinni isii wagga 50 gahuu danda'a).

**b- Sababota marsaa diinagdee fi wal'aansoo:** gara gaggaliinsi sun sababa jijiirama hanga qabeenya hindoo fi jijiirama baasii, qusanna fi omishaa irraa dhufa. Jijiirama diinagdee sana keessaa kan armaan gadii muraasa: jijiirama hanga qabeenya hindoo gahu waan eegamuu fi dhiibba alaa kan akka guddinaa, lolaa; waan fuulduuratti tahuun isaa eegamu, waan ol-kaa'ame keessatti dabaliinsi guddachuu, baasiin xiqqaachuu, lakkofsi ummataa dabaluu, maddi galii uumamaa haaraan kan gabaa biraan banitti nama geessu argamuu. Kunis bu'aa dabaliinsa qabeenya hindoo irratti dabalamuu irraa ka'ee fi omishni dabaluudhaani. Bakka kanatti mootummaan mi'aawina (qaala'ina) gabaa to'achuu fi si'aa'inni diinagdee sadarkaa madaalawaa irra akka dhaabbatuuf jecha mootummaan jidduu seenuun dirqama ta'a.

Sababaa jijiirama diinagdee sana keessaa kan biraajijiirama naannoo kan baasii, qusanna fi investimenti dabuu keessa jiru hammi meeshaa fi tajaajilaa gabaa irratti dhihaate hamma barbaadamee gadi ta'uun galiin xiqqaatuutti geessa. Kun

immoo akka baasiitti dabuun ol-aay'ifamaa) omishaa fi baasiidhaan ta'u, kanneen sochii gadi bu'iinsaa fi ol-ka'iinsaatii saaxilamaniin Rakkoon halli sochii diinagdee ol-ka'uu fi gdi bu'uu ni jabaataka'u godha. hojii ariifachiifamaa fi dachaafamaa

Naanno diinagdee warra seera nam-tolchee hordofanuu jijiirama naannoo kan hanga liqii keessa jiru, jijiirama sochii warqii fi birrii keessa jiruuf saaxilamti. Dabalataanis kufiinsi sadarkaa misooma daldalaa kan jijiirama gabaa faaydaatti geessuudhaan maallaqni hindoon gabaa keessaa dhabamuutti geessu jiraachuu wajjini.

Kufiinsi gabaa galiin xiqlaachuu fi baasiin hedduummachuutti geessa. Kana hordofuudhan hojii daddafsifamaadhaan omishni dabala. Diinagdeen gara bal'inaatti fuula deebi'a. kun immoo akka dureeyyiin hojii daddaffiitiin omisha irraa dabanii hojii dachaa kanaan gara bal'inaa daban godha. Keessattuu naannoo diinagdee. Galii fi baasiin jijiiramuudhaan rakkoo diinagdeetti geessa.

**c- shoora zakaan gara gaggaliinsa (jijiiramuu) diinagdee eeguu keessatti qabdu:** zakaan jijiirama isiin baasii irratti qabdu irratti hundaa'uudhaan gara gaggaliinsa diinagdee eeguu keessatti shoora guddaa taphatti. Dabalataanis jijiirama hanga liqii keessa jiru, jijiirama gabaa fi gatii warqii keessa jiruu fi sadarkaan omishaa gadi buuu faadha. Jijiiramni gatii faaydaa keessatti uumamu kaappitaalli gabaa keessaa dhabamuutti geessa. Zakaan qusachuutti geessu, laafina caalchisuu, jijiirama isiin daangaa qabeenyaa hindoo irratti qabduu fi gahee isiin jijiirama maallaqaa irratti qabduun shoora guddaa taphatti.

**Shanaffaan: dachaan dabaliinsa zakaan fidu:** bakka kanatti hiikaa dabaliinsaa, hojii isaa fi dabaliinsa zakaa dubbanna.

**1- Hiika Mudaa'afa fi hojii isaa:** mudaa'afa jechuudhaan jijiirama galiin baay'achuun baasii irratti fidu jechuudha. Jijiiramni baasii kan idaasuun ykn hir'isuun ta'u galiin ummataa dabaluutti geessa. Jijiiramni kun kallattii lamaan hojjata. Isaanis: kallattii sochii diinagdee babal'isuu fi kallattii maallaqni gabaa irraa hir'achuuti. Akekni baasii Keenz biratti tasgabbii waan ibsamtuuf isa biratti sababaan jijiirama sadarkaa galii gara jijiirama sadarkaa seensaa fi jijiirama kenna misoomaatti deebiti.

**Baasii duraa** dachaan dabaliinsi investimentii dhuunfaa ykn mootummaa qarqaaruu keessa seena. Baasiin misoomsuu irratti baafamu inni duraa bifaa mindaa fi bu'aatiin hojjattoota irra raabsuutti geessa. Garii isaa investimentiif kennuun bifaa mindaa, faaydaa fi bu'aatiin hojjattoota damee tokkkootiif, meeshaa bituu fi tajaajila baasiitiif kennuutti geessa. Bu'aan xumuraa kan kenna duraatiin bifaa faallaa ta'een wal-simata. Kunis baay'inni galiin ummataa qulqullaanuu dhabuu wajjiini.

Garuu qo'annaan xiyyeffannoo qabdu jecha *Keenz* kan qulqullina dhabuu sana sababa tokittiitti deebistu irraa qullaa hin taatu. Qusanna fi ol-ka'anna (*al-iktinaaz*) qofatu madda maallaqni karaa malee baduu kanaati jetti qo'annaan diinagdee irratti adeemsifame. Diinagdee daddafaa tilmaamuun mijjataa ta'us gatii dabala muzdawijaa bira gahuuf hawaasa kamiin illee keessatti bakka gatii dabaliinsa daangessuun ulfaataadha.

Kunis waan diinagdeen daddafaan jalqabuma irraayyuu hariiroo teknoolojii fi ogummaa bira darbuufi. Ammas daballi omishaa dabaliinsa omisha bu'uuraa irratti waan hundaa'uuf, omisha bu'uuraa guutuun mijatuu dhabuu fi omisha dabalataa guutuun tokkummaa omisha barbaachistuu erga guutanii booda waan ta'eef yeroodha yerootti wal-dhaba. Hojii dabala *Muzdawijaatiif* bu'aan xumuraa baay'ina qabeenyi gar-malee baduu, hanga warshaalee omishaa kan omisha guddisuuf ooltu irratti hunda'a.

Dachaan dabaliinsi *wal-makaan* guddisuuf, qabeenyatti fayyadama gaarii mirkaneessuu fi jijiirama investimentii dhuunfaa muudatu dura dhaabbachuuf baasii walii gala xiqqeesuudha.

**2- Dachaan dabaluu zakaa:** bu'urri qabiyyee dachaan dabaluu waggoota 1400 dura Islaamummaa keessa jira. Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedhe:

مَثُلُّ الَّذِينَ يُنفِقُونَ أَمْوَالَهُمْ فِي سَبِيلِ اللَّهِ كَمْثُلُّ حَبَّةٍ أَنْبَتَ سَبْعَ سَنَابِلَ فِي كُلِّ سَنَابِلٍ

مَائَةُ حَبَّةٍ وَاللَّهُ يُعْلَمُ بِمَا يَصْنَعُ لِمَنِ يَشَاءُ وَاللَّهُ وَاسِعٌ عَلَيْهِ ﴿٢٦١﴾ سورة البقرة: 261

“Fakkeenyi warra qabeenya jaraa karaa Rabbii keessatti kennatanuu akka firii damee/dhaloo torba biqilchiteeti. Damee hunda keessa firiiin torba kan jiru. Rabbiin abbaa fedheef dachaa/ni hedдуммеessa. Rabbiin (arjummaan isaa) bal'aadha. Beekaadhas.” (al-Baqaraa: 261)

Daballi/hedдуммеесуун sababa yerootiin argantu kun mindaa du'a boodaa qofa irratti hin gabaabbattu. Jiruu addunyaa keessatis bifa qabatamaadhaan mirkanoofti. Jijiirama gaariitu

zakaa hordofee argama. Wanti haaraan zakaa waggaan irraa argamu bifaa qabeenyaatiinuu addunyaatti ni mirkanoofti. Qalqalloon (meeshaan) zakaa jidduu dhibbeentaa 2,5, fi 20% tti deddeebiti.

Wanti zakaa irraa argamu dureeyyii irraa gara hiyyeeyyii deebiti. Kun immoo barbaachisa meeshaalee fi tajaajila dabaluutti geessa. Dabiinsi daangaa baasii iddoowwan zakaan itti kennamtutti ol-ka'a.keessattuu sadarkaa guddina duraatti. Idaasuun duraa kan dirqama zakaa hojji irra oolchuu hordofee dhufu idaasuu kenna baasii qofa irratti hin gabaabbattu. Dabaliinsi zakaa *iktinaazni*, dhalaan hojjachuun dhowwamaa ta'uun waan qabeenyawwan zakaa bakka isiin itti kennamtutti kennuutti geessu irraayyi. Kunis akka isiin dameewwan kenna baasii hundatti raabsamtuuf, ykn gara kallattii yeroo fi invstimentiitti haa deebituufi.

Ida'iinsi zakaa akka gar-malee qisaasuun gadi bu'uuf gargaara. Zakaan dirqama Rabbii kan qabeenya keessa jiru. Warroota itti gaafatama amantii qaban irraa guuramtee jiraattota iddo Sanaa, warra haqa godhataniif kennamti. Kun immo meeshaalee fi tajaajila naannoo sanii irratti akka dabalu godha. Akkasumas tajaajila galii kan zakaa iddo isiin itti kennamtutti quoduudhaan walqabateef idaasaa duraatti qajeelchiti. Waggaan waggaadhaan deddeebi'uun zakaa dabaliinsi isii sadarkaa si'aa'ina diinagdeetti ta'uun, ragga'iinsa dhabuu fi jijiiramaaf saaxilamuudhaan akeekkachiisuun erga isiin omisha sadarkaa dhumaa geessee dabaliinsi argama jechuu miti.

Yeroo omishni sadarkaa omisha diinagdee isa dhumaa irra ga'e investimentiin gadi bu'a.jijiiramni kun immoo

qisaasuun dhowwamaa ta'e sana ragaa itti godha. Yeroo hawaasni sadarkaa of danda'iinsaa irra gahe sadarkaan dachaan dabaluu isaa gadi bu'ee zakaan walitti qabamte iddoor irraa guuramte keessaatti qaama shari'aan akka kennamuuf eeyyame sandhabuudhaan gar naannoo itti aantuuf kennamti. Kunis erga diinagdeen bakka sanaa galii fi hojii irraa sadarkaa tasgabbii guddaa irra gaheeyyi.

**Shanaffaan: Shoora Qoodinsi Zakaan Qabu:** Sababni dureeyyiin durummaa dabalatanuu fi hiyyeeyyiin iyyummaa dabalataniif maddi qabeenyaa dhabamuu irraa kan madde miti. Warri dhihaa fi biyyoonni addunyaa hedduun ilaalcha qabeenyaa guddisuu fi kan afuuraa/amala gaarii balleessuutti gara galan. Kun Kan inni irratti akeku hariiroo wal-jijiiraa omishaa fi raabsaatti yaadda'u, ka'umsa "Bu'aa qabeenyaa guddisanii akka bu'aan amala gaarii itti dabaluudhaan akka jiruu dhala namaa dame jiruu hunda keessatti tolu gochuu" jedhu bira darbuudhaaf tattaafachuudha. Sochiin diinagdee dandeettii beekumsaa fi ogummaa waa uumuu bira gahuuf, haala jiruu hojii tole fooyyessuu fi sadarkaa jiruu fuulduraa tolchuuf tooftaa barbaada.

Ibsa biraatiin, carraa hojii uumuuf, jirenyaa badhaadhinaa namaaf argamsiisuu, humna nama hojjatuun kunuunsuu, namni hundi misooma irratti akka bobba'u godhuuf, qilleensa hojii fooyyessuuf, humna namaa bifaa oomishtummaa guutuun mirkaneessuun itti fayyadamuuf sochiin diinagdee bifaa sirrii ta'een qabeenyatti fayyadamuutti akka fulleffatu taasisuun dirqama.

Wanti asitti hubatamuu qabu qindeessitoonni diinagdee warra seera nam-tolchee hordofan ulaagaalee fi ilaalcha isaa bifaa

miidhaa hawaasummaatiin guutamee fi lubbuu hojjattoota hedduu keessatti jibbaa uumuun bocan. Xiinxaltoonni warra diinagdee Sanaa miidhaan sun sadarkaa diinagdee ol-aanaa, dagagina qabeenya fi teknoolojiitti gahuudhaaf eeyyamamaadha, dirqamaayyu jedhanii yaadan! Gariin jaraa guddina dinagdee ofkolaan mirkaneessuuuf jalqaba dagaaginnaa Sana irratti waa'ee qooda haqaa/wal-qixaatti yaadda'uun dhabuun dirqama godha jechuu yaada.

Hawaasniguddatan guddatan hir'ina Sana wal'aanuuuf siyaasa gibiraan fayyadaman. Jijiiramni siyaasaan diinagdee Sanaa ga'umsa seera Sanaa irratti jijiirama fide. Galii argameirra deebi'anii quoduun kuusaa walii gala kana Nama dhuunfaa irratti hir'ina fida jedhu. Galiin jabeenya misoomaaf walitti qabuu ulafaataa godhuun quodamti.

Kan hunda caalaa nama rifachiisu dhimma jidduu dhalootaatti qabeenya quoduuti. Haala rakkina cimaa keessa jiranuun dhaloonni lubbuun jiranu garaa ofii hidhatanii waa'ee dhaloota boodaa, kan ammallee hin beekamnee yaaduun ni ulfaata.

Tiyooriin warra seera nam-tolchee sun fashalaan'uun immoo, warri diinagdee seera nam-tolchee hordofan warri haaromsitoonni fi warri booda isaanii furmaata biraa yaadan. Kan akka hiyyeyyii hiyyummaan itti jabaatteef dhimmoota bu'uuraa dhiheessudhaan hiyyummaa cimaa balleessuu fi wabii hawaasummaatiif suuta suutaan hojiihti hiikuu faadha.

Fallaa kanaa immoo sirni diinagdee Islaamaa hojii omishaa fi qoodinsa walitti hidhu. Kana jechuun qaroomina

waaraa mirkaneessuuf haqummaan qoodinsaa walitti dhaabbataan jiraachuun dirqama. Rabbiin akkana jedhe:

وَإِذَا أَرْدَنَا أَنْ تُهْلِكَ قَرْيَةً أَمْرَنَا مُتْرِفِهَا فَسَقُوا فِيهَا حَقًّا عَلَيْهَا الْقَوْلُ فَدَمَرْنَاهَا تَدْمِيرًا

سورة الإسراء: 16

“Ennaa warra ganda tokkoo balleessuu barbaanne, ququuftota isii keessa jiraatan ajajnee ennaa jarri karaa irraa bahan adabbiin jara irratti qubata.” (al-Israa’: 16)

Hawaasni Muslimaa jalqaba Islaamummaa irraa eegalee hojii amansiisaa ijaarsa biyyaatiif oolu, kan waan hunda of keessatti qabatu hubatee jira. Mootummaan diinagdee keessatti gahee yaada biyya eegduu (الدُّولَةُ الْحَارِسَةُ) caalu qaba. Adeemsa sochii diinagdee sirreessuun, tarkaanfii hundee qabduun ykn siyaasaa tasgabboftuu suuta suutaan deemu ijaaruudhaan isa sirreessuun itti gaafatamni gateettii mootummaa irra jiru. Mootimmaan Madiinaa al-Munawwaraa fakkeenya wal-madaaluu jidduu omishaa fi raabsuu mirkaneessitee jirti. Nabiyyiin yeroo murtawaadhaaf jidduu Muhaajirootaa fi Ansaarotaa walitti obboloomsanii turan. Al-Faaruuq-Umar bin al-Kaxxaab- dachii lolaan banamte gooduu didee harka abbaa dachi keessatti dhiise. Waan isii irraa bahu irraa gibira baankii Muslimatiif taasise. Al-Faaruuq waa’ee qoodinsa aangolees hin daganne. Warra magaalaa/warra gandaatiif tola itti ooluu dhaame.

Zakaan hawaasa Muslimaa keessatti ga’ee qabeenya bifaa wal-qixa ta’een raabsuu mirkaneessee jira. Akkuma dubbannee dabarsine bakka buutonni Rasuulaa aftran yoo rakkoo warra naannoo irraa guurame san baasee hafe malee zakaa bakka biraa geessuu dhabuu lafa ka’an. Kana jechuun zakaan akka rakkoon

dhaloota ammaa dhalota biraatti hin dabarfamne eegdi jechuudha.

Waa'ee kanaa irratti gabaabinaan qabxiwwan lama ibsina. Isaanis: gahee zakaan of-danda'iinsa mirkaneessuu keessatti qabuu fi gahee inni wal-bira dhaabbachuu hawaasummaa keessatti qabudha. Kunis haala armaan gadiitiin dhihaata:

#### **1- Zakaan Hanga Namaaf Gahu Namaaf Guutti:**

Kaayyoon diinagdee Islaamaa dachii misoomsuu keessatti meeshaalee fi tajaajiloota dirqama barbaachisan guutuu irratti xiyyeffata. Eeganaa wantoota barbaachistoota ta'anii garuu isa malees jiraachuun danda'amu guutuu, eeganaa wantoota jirenya miidhagsan guutuutti xiyyeffata. Zakaan kaayyoo dachii misoomsuu Sana mirkaneessuu keessatti barbaachisummaa guddaa qabdi. Kaayyoowwan kana karaa sad'iin ilaalla. Isaanis: hiika hanga namaaf gahuu/ittiin of gahanii, jijiirama inni sadarkaa si'aa'Ina diinagdee irratti qabuu fi gahee zakaan hanga ittiin of gahan namaaf mirakneessuu keessatti qabu. kunis akka armaan gadiitti dhihaata:

a. **Hiika hanga namaaf gahuu:** kanas kallattii sad'iin ilaalla. Isaanis: hiika isaa akka hiika afaanii fi shari'aatti beekuu, maalummaa isaa diinagdee warra seera nam-tolchee hordofee keessatti beekuu, eeganaa biyya Islaamaa keessatti beeku.

i.**Hiika Al-Kifaayaa (Hanga Namaaf Gahuu) Akka hiika afaanii fi shari'aatti:** *al-kifaayaa* jechuun akka hiika afaaniitti baasii manaa fi nyaata jechuudha. Qur'aanni daangaa al-

kifaayaa jecha Rabbii (SW) kan inni Aadamii fi Hawwaadhaan jedhe keessatti daangessee jira.

إِنَّ لَكَ أَلَا بَمُوعَ فِيهَا وَلَا تَعْرَى ﴿١١٦﴾ وَأَنَّكَ لَا تَظْمَئُ فِيهَا وَلَا تَضْحَى ﴿١١٧﴾ سورة طه:

119 - 118

“Ati isii (jannata) keessatti hin beeloftu, hin daartu. Ati isii keessatti hin beeloftu, aduutti hin baatu/aduun si hin gubu.”  
(Xahaa: 118-119)

Rabbiin (SW) Aadamii fi Hawwaa, akkasumas hortee jaraa uume.wantoota afuriin malee jiruun jaraa dhaabbachuu hin danda'u.isaanis: nyaata, dhugaatii, uffata fi mana. Qur'aanni hawaasa jiraattota isaaniitiif nyaata isaaniif gahu hin guunne ni sobsiise. Rabbiin akkana jedhe:

وَالضَّحْنَ ﴿١﴾ وَالْيَلَ إِذَا سَجَنَ ﴿٢﴾ مَا وَدَ عَلَكَ رَبُّكَ وَمَا قَنَ ﴿٣﴾ وَلِلآخِرَةِ خَيْرٌ لَكَ مِنَ الْأُولَى ﴿٤﴾ وَسَوْفَ  
يُعَطِّيلُكَ رَبُّكَ فَرَّضَنِي ﴿٥﴾ أَلَمْ يَعِدْكَ بِيَسِّرًا ثَاوِي ﴿٦﴾ وَوَجَدَكَ ضَالًّا فَهَدَى ﴿٧﴾ وَوَجَدَكَ عَابِلًا  
فَاعْفَنِي ﴿٨﴾ فَامَّا الْيَمِنُ فَلَا تَقْهَرْ ﴿٩﴾ وَامَّا السَّابِلُ فَلَا تَنْهَرْ ﴿١٠﴾ [وَامَّا بِنْعَمَةِ رَبِّكَ فَحَدَّثَنِي ﴿١١﴾] سورة  
الضحى 1 – 11

- 1) Waareedhaan kakadhe.
- 2) Halkan yeroo ragga'een ykn dukkanaan aguugeen,
- 3) Rabbiin kee si hin dhiisnes, si hin jibbines (Yaa Muhammad).
- 4) Ganda boodaatu kan duraa, har'a irra siif caala.
- 5) Sichi Rabbiin kee (galata kee) siif kenna yeroosan nijaallatta!

- 6) Si'ii Abaa hin-qabnee si argee sihin maxxansine (guddisaa siif hin goonee)?
- 7) Si'ii Jal'ataa si argee si hin qajeelchinee?
- 8) Si'ii hiyyeessaa si argee si hin duroomsine?
- 9) Abban-qabnee hin dirqin.
- 10) Kadhataa hin lolin.
- 11) Qananii Rabbii keetii immoo odeessi. (Ad-duhaa:1-11)

Faallaa kanaa beela'aa nyaachisuun, abban-qabnee fi hiyyeessa of geessisuun namni isa hojjate sababa isaatiin warra dabalamma. Nabiyyiin (SAW) dhimmi namaa bu'uuraa mana, nyaataa fi uffata ittiin qaama saalaa dhokfatu argachuu, lubbuu isaatii nagaa ta'uu, qaama isaatii nagaa ta'uu fi jiruu ittiin of danda'u argachuudha jechuu ibsan.

Hanga namaaf gahu daangessuu ilaalchisee immoo wal-dhabiinsa bakkaa, yeroo fi haalaa irraa kan ka'e beektonni ummata irratti wal-dhaban. Kun shari'aan Islaamaa namaaf laafuu irratti akeeka. Biyyi iyyeettiin guddinaa fi mijjeeffannaa diinagdee mirkanoeffachuuuf jecha yaada hunda caala dhiphaa fudhatti. Eeganaa jiraattota biyya isii irratti bal'isuutti seenti.

Beektonni gariin qabeenya murtawaa kan beela isaa irraa eeguu fi dhimmoota bu'uuraa guutuun daangessan. Gariin isaanii immoo hiyyeessaaaf waan jiruu isaatiif gahu kennuudha jedhetu jira. jecha Umar bin al-Kaxxaab irraa odeeoffame keessaa tokko: “**Yeroo kennitan duroomsaa**” jechuudha. Hangi namaaf gahu akka *shari'aatti* immoo: wantoota dirqama guutamuu qaban tokko tokkoon jiraattotaatiif hanga isaaf gahu argamsiisuudha. Worroonni diinagdee kannen seera nam-tolchee hordofan immoo

hanga namaaf gahu jechuun iyyummaa hamaa dhabamsiisuu jechuudha jedhanii hiiku.

Islaamummaan miseensota isii keessa jiru hundaaf hanga isaaaf gahu guutuufi irraa barbaada. Kunis wantoota jiraachuuf dirqama barbaachisan guutuu bira darbee gara wantoota isa dhabuun rakkoo irratti obsamuu danda'u argamsiisuutti tattaafachuu wajjini. Eeganaa immoo wantoota jiruu namaaf miidhagsan mirkaneessuu nama irraa barbaaddi. Kan dabre kana irra dhaabbachuudhaan hanga namaaf gahu hiikuu/ibsuu ni dandeenya. Innis: baasii nama dhuunfaa fi maatii isaa kan kanneen bu'uraa (kanneen jiraachuuf diqama barbaachisan), dhimmoota jirenya fooyyessuuf oolanii fi dhimmoota jirenya miidhagsuuf oolan dognoomuu fi qisaasuudhaan alatti argachuudha.

**(2) hanga namaaf gahu diinagdee warra seera namtolchee hordofu biratti:** hawaasni Muslima hin ta'in seera rifachiisaa qooda irratti rakkoo fidu lafa ka'atan. Hawaasni sun hawaasa daangaa iyyummaa itti gaafatama hiyyeeyyi gooteedha. Xiinxaltoonni warra dhihaa akka jarri hiyyeeyyi hin gargaarre hawaasa biyya jaraa kadhatan. Waraqaa eenyummaa kan kadhachuu eeyyamtu garii jaraatiif baasuudhaan rakkoo nama tokko tokkoo hiikuu yaalan. Namni waraqaa sana osoo hin qabaatin kadhate hundi adabbii tumiinsatiif ifatti saaxilama.

Galiin dimshaashaa kan walii gala baay'ee ol-ka'ullee kun hawaasa keessaa gulantaa murtawaa irraa malee hin mul'anne. Haalli jiruu hawaasa irra caalaa hin fooyeofne. Dhuma jaarraa 19<sup>ffaa</sup> fi jalqaba jaarraa 20ffaa keessa warri dhihaa rakkoo garaa garummaa jidduu hiyyeeyyi fi dureeyyi jiru irraa dhufu

hubachuudhaan hiyyeeyyii gariidhaaf sagantaa **wabii hawaasummaa** jedhu baasan. Amerikaan naannoo bara 1970 keessatti koree hiyyeeyyii hundeessuudhaan biyya jalqabaa taate.

Eeganaa qindoominnii fi dhaabbanni gargaarsa hiyyeeyyii gara garaa Awrooppaa fi Amerikaa keessatti hedдуммаатте. Garuu gargaarsi qindoominaa fi dhaabbilee Sanaa dadhabdoota, jaamaa fi dubartii dhirsan-qabnee qofa haala rakkoo keessatti gargaaruu bira hin dabarre.

Naannoo 1990 keessa warri dhihaa sagantaa “**karoora dhimmoota bu’uraa**” jedhu kan hanga danda’ameen yeroo gabaabaa keessatti dhimmoota bu’uraa hiyyeeyyiidhaaf guutuutti xiyyeffattu baasan. Muuxannoon waan “guddina diinagdee lola addunyaa lammaffaa irraa hanga ammaatti” jedhamu hiyyeeyyiidhaaf dhimmoota bu’uraa kan akka bishaan qulqulluu, nyaata fayyaaf oolu, geejjiba walii gala fi barnoota qulqulluu dhiheessuu dadhabuun isaa ifa bahe.

Biyyonni guddatanii, dhaabbilee fi dhaabbilee biroo kanneen dhimmoota bu’uraa sana hiyyeeyyiidhaaf guutuutti seente. Dhaabileen sun hiyyeeyyii bakka hin buutu; rakkoo jaraa fi dhimmoota jaraa kan iddo fi yeroodhaa wajjiin jijiiramu hin beektu. Karoorri sun qabata jiru irraa fagoodha. Jidduu dhimmoota (*haajaa*) bu’uraa fi mirgoota bu’uraa wal-makti. Mirgoonni bu’uraa dirqama dhaabbataa ta’uu qabdi. Akkaqabxii dadhabina karoora sanaatti kan kaafamu akka karoorichaatti dhimmi namaa bu’uraa umurii fi haala, iddo fi yeroo irratti hundaa’ee wal-hin dhabu. Iyyummaa dura dhaabbachuudhaaf ibsa tokkittii kenniti.

### **3) Biyyoota Islaamaa Keessatti Hanga Namaaf**

**Gahu:** Inni kun sona bu'uuraa kan hojiitti hiikuun sheri'aadhaan dirqama ta'eedha. Haalli jirenya ummataa akkuma fedhellee ta'us hojiin kun kaayyoo hojiitti hiikuun hin danda'amne miti. Biyyi Muslimaa ummataa isii jiraa fi du'aadhaanis ni eegdi. Liqii nama osoo waan kafalu hin dhiisin du'e irraa ni kafalti. Umar bin al-Kaxxaab yeroo aangoo fudhatu: "Anii fi qabeenyi keessan akka aanaa *yatiimaati*" jedhe. Umar waan baay'ee lubbuu ofii irra kaa'e. sana keessaa: gibira isa bira gahu haqa isaatiin ala baasuu dhabuu fi yoo Rabbi fedhe hiraa fi kenna jaraa dabaluufaadha. Kana jechuun: hangi nama tokkoof gahu tokko tokkoon jiraattotaatiif (dhiiras ta'ee dubartootaaf) guutamuun dirqama jechuudha.

Yeroo hoggansa Umar bin al-Kaxxaab qabeenyi mana qabeenya Muslimaa (baankii biyyatii) irraa kennamu akkuma umuriin daa'imaa dabalaan deemuun dabala ture. Aliyyiinis booda isaa dhufee karaa Umar irra ture jabeesse.

### **4) Shoora Hanga Namaaf Gahu Guutuun Sadarkaa**

**Si'aa'Ina Diinagdeetti Qabu:** Mata duree kana mata dureewwan xixiqqaaf afur jalatti adda qoqoonnee ilaalla. Isaanis wantoota armaan gadii irratti hundaa'uudhaan hanga namaaf gahu dhiheessuu: barbaachi (wantoota barbaachisan) dabalu, meeshaalee omishaa jiru, haala hojii guddinaa diinagdeetiin wal-simatuu fi qabeenya hindoodha. Isbi isaa akka armaan gadiitti dhihaata:

- a. **Hanga Namaaf Gahu Dhiheessuu Fi Waan Barbaachisu Ida'uu:** yeroo hawaasni Muslima hin ta'in hiyyeeyyii rakkoon itti jabaattee sadarkaa nageenya biyyaatiif sodaachisan dhimmoota isaanii bu'uuraa guutuudhaaf dhaabbatan kanatti hawaasni Muslimaa immoo dhimmoota bu'uuraa gahaa ta'e kan akka nyaataa, manaa, uffataa, meeshaa wal-qunnamti, geejjibaa, barnootaa fi fayyaa tokko tokkoon jirattota biyyattiifiif guutuu fi nageenya fi gahumsa humna waraanaa mirkaneessuun dirqama isiiti. Amala hanga namaaf gahu guutuu keessaa tokko abdii abbootii qabeenyaa warroota hojii qabanii jijiiruudhaan qabiyyeen si'aa'Ina diinagdee fooyya'uudha.
- b. **Hanga namaaf bahuu fi meeshaalee omishaa jiru namaaf guutuu:** hangi namaaf gahu hiika isaa kan irra dhiphaadhaan yoo hiikne qabeenya tiksuu of-keessatti qabata. ammas meeshaalee hojii madda galii mirkaneessu dhiheessuu danda'u of keessatti hammata. Yoo meeshaaleen sun kan hin argamne ta'es dhiheessuu. Nabiyyiin (SAW) kadhataa isaan kadhate tokkoof waan tokko hin kennineef. Qottoo inni ittiin qoraan funaannatee hojii harka isaatiin nyaatu bituufiitti ajajan.
- c. **Hanga namaaf gahuu fi waan hojii guddina diinagdeetiif oolu Kan isaaf malu guutuu:** seerri hanga namaaf gahu namaaf guutuun misoomaaf haala gaarii mijjeessuu keessatti qooda fudhata. Hawwiin (expectation) abbootii hojii gaaromuudhaan si'aa'Ina oomishaa sadarkaa ol-aanaa irraan gaha. Hanga namaaf gahu namaaf guutuun kaayyolee shari'aa bu'uuraa shanan tokko tokkoon namaatiif

guutuu of keessatti hammata. Zakaan qindeessuu barbaada. Kenni tola ooltummaa kan hin karoorfamne kaayyolee sana mirkaneessuu hin danda'u.

- 1- Taatee (jijiirama) hammi namaaf gayu barbaada dhugaa dhiheessuu irratti qabu.
  - 2- Taatee (jijiirama) hammi namaaf gayu tooftaa oomishaa irratti qabu
  - 3- Taatee (jijiirama) hammi namaaf gayu qilleensahojiif mijjataa ta'e uumuu irratti qabu
  - 4- Taatee (jijiirama) hammi namaaf gayu humna nama hojjatuu irratti qabu
- 5-** barbaachi (wantoota barbaachisan) dabalu, meeshaalee omishaa jiru, haala hojii guddinaa diinagdeetiin wal-simatuu fi qabeenya hindoodha. Isbi isaa akka armaan gadiitti dhihaata:
- a. **Hanga namaaf gahuu fi kaappitaala ilma namaa:** hanga namaaf barbaachisu guutuun waan jijiirama gaarii hindoo qabeenya nmaa irratti fiduuf garee acuucamtuu fi dadhabduu gara garee omishtuutti jijiiruun qarooma wal-fakkaataa mirkaneessa. Dabalataanis wal-dhagahuu fi wal-hubachuu jidduu hawaasaatti mirkaneessa. Jibaa balleessa. Ogummaa dagaagina diinagdeetiif barbaachisan guutuu keessatti qooda fudhata. Ogummaa gaggaarii ta'e hojjattootaaf argamsiisa.  
Bifa armaan gadiitti addaan baasnee ibsina:
    - i. **Zakaa Fi Hanga Namaaf Gahu Tokkoo Tokkoo Hawaasaatiif Guutuu:** hangi namaaf gahu bal'achuus ta'ee dhiphachuu qabeenya zakaa irratti hundaa'a. kanaafuu

zakaan hojii qinada'aa qabeenyan wal-qabate, kan amantiin Islaamaa erga jaarraa 14tii karaa goodhe isa duraati. Zakaan hanga dhimma nama tokkoo baasuuf gahu tokkoo tokkoo namaatiif guutuu irratti hojjatti. Kunis umurii, saalaa fi amantiin osoo addaan hin foo'ini. Sababa dhukkubaa, dullumaa, ykn hojii Muslimni itti dhimman, kan faaydaa walii galaatiif ooluun qabamuudhaan dhimma isaa mataa isaatiin guuttachuu kan dadhabe yoo ta'e zakaan ni kennamaaf. Islaamummaan iyyumaa fi rakkina namaaf hin jaal'atu.

- ii. **Zakaa fi Dhimmoota Qabeenyaa Fi Kan Lubbuun Barbaaddu Namaaf Guutuu:** Islaamummaan qindoomina akka addunyaatti dursa, guutuu fi wal-gahaa ta'e uume. Akkuma dubbannee dabarsine zakaan hanga kadhaa irraa nama oolchu namaaf guutuu bira dabartee hanga namaaf gahu namaaf guutuudhaaf tattaafatti. Gaahila raawwachuuun waan of-gahuun ittiin guutamu irraayyi. Zakaan nama liqii qabu, kara deemaa, hiyyeeyyii fi harka qal'eeyyii gargaarti. Yoo namni Muslimaa tokko zakaa qabeenya isaa maatii Muslimaatiif kennee rakkoo jaraa hiike wanti inni hojjate gaariidha.
- iii. **Qabeenya zakaa hawaasa Muslimaatiif gahaa ta'uu mirkaneessuuf:** kaayyoon dachii jirachisuu/misoomsuu tokko tokkoon hawaasaatiif hanga namaaf gahu namaaf mirkaneessuudha. Rabbiin akkana jedhe:

وَفِي أَمْوَالِهِمْ حَقٌّ لِلْسَّابِلِ وَالْمُحْرُومِ ١٩ وَفِي الْأَرْضِ مَا يَتَّسِعُ لِلْمُؤْمِنِينَ ٢٠ سورة الذاريات: 19 - 20

“Qabeenyawwan jaraa keessa kadhatootaa fi *mahruum* (warra rakkina qabaachuu wajjin hin kadhanneef) qoodatu jira. Warra dhugoomsitootaaf dachii keessa mallatootu jira.” (azzaariyat: 19-20)

وَالَّذِينَ فِي أَمْوَالِهِمْ حَقٌّ مَعْلُومٌ ٢١ لِلْسَّابِلِ وَالْمُحْرُومِ ٢٢ سورة المعارج: 24 - 25

“(Ammas) warra qabeenyawwan jaraa keessa haqqi beekamaan jiru malee. Kadhataa fi dhabaa (of-qabaaf) /kan hiyyummaa wajjin of-qabuuf kadhachuu dhisee).” (Al-Ma’arij: 24-25)

(4) **Hangi Namaaf Gahu Bal’achuus Ta’ee Dhiphachuuf Qabeenya Zakaa Irratti Hundaa’uu:** Hariiroon jidduu hanga namaaf gahu mirkaneessuu fi waan zakaa irraa baafamuu cimaadha. Kunis waan hangi namaaf gahu jala muranii daangessuun hin danda’amneefi. Haala qabatama jiruu fi yeroodhaan wal-dhabdi. Fakkeenyaaf Umar bara *Ramaad* jedhamee beekkama. Sadaqaa booda aanse. Bara *ramaad* hattuu harki hin kutamu jedhe. sababni isaas rakkatee waan jiraachuuf dirqama isa barbaachisu fudhate waan ta’eefi. Yoo rakkoon addaa hawaasa Muslimaa muudate haqa zakaa irraa waan inni fudhatu booda aafama.

Sababa hawaasni guddataniif maddi zakaa dabaluu irraa kan ka’e hiikni hanga namaaf gahuu bal’ifamuu danda’a. hanga namaaf gahu mirkaneessuun –hangi nama duroomsu namaaf guutuun- madda zakaa hawaasa keessa jiru irratti hundaa’aa.

Hajjiin hanga namaaf gahuun waliti hidhata. Zakaan immoo dhimmoota bu'uuraa irraa hafuudhaan walitti hidhata. Kunis sadarkaa jiruu hanga namaaf gahu irraa gadi buusuudhaan nama dhuunfaa irraa waan inni haqa godhatu booda aansuudhaan laaffisuun argama. Ibaadaan hunduu durummaati rarraafamte. Akka hajjii fi kodhaa (nazrii) faadha. Yoo zakaan hin cufin warra rakkataa irraa booda aanfamti.

#### **6- Zakaa Fi Wal-Gargaarsa Hawaasummaa**

**Mirkaneessuu:** guddina diinagdee qixxistuu (wal-gessuu) mirkaneessuun tokko tokkoo namaatiif hanga isaaf gahu argamsiisuudhaan mirkana'a. hangi kun haqa bu'uuraa kan haala baratamaa keessatti mirkanaa'uun dirqama ta'udha. Wabiin diinagdeen Islaamaa guutu kun wal-gargaarsa hawaasummaati. Qabxii kana karaa sadi'iin ilaalla. Isaanis: hiika wal-gargaarsa hawaasummaa, eeganaa ilaalcha wal-gargaarsa hawaasummaa akka diinagdee Islaamaa fi warra seera nam-tolchee hordofuutti.

**(1) Hiika Wal-Gargaaruu Hawaasummaa:** wal-gargaaruu jechuun akka hiika afaniitti gamaa gamanaa waliin hojjachuu jidduu tokko tokkoon garee ykn dhaabbataatti argamudha. Gargaaraan kan wabii ta'u. Wal-gargaaruu jechuun toltaa fi soda Rabbii irratti wal-bira dhaabbachuu jechuudha. Finciltoota (kaafiroota) irratti jabaachuu fi waliif garaa laafuunis kanuma irraayyi. Rabbin suura Fathii keessatti akkana jedhe:

سَمِعَ رَسُولُ اللَّهِ وَالَّذِينَ مَعَهُ أَشْدَاءٌ عَلَى الْكُفَّارِ رُحْمَاءٌ بَيْنَهُمْ تَرَبَّعُهُمْ رُحْمَانٌ سُجَّدًا يَتَعَوَّنُ فَضْلًا مِنَ اللَّهِ وَرَضَوْنَا سِيمَا هُمْ فِي وُجُوهِهِم مِنْ أَثْرِ اسْجُودَ ذَلِكَ مَثَلُهُمْ فِي أَتْتَرَيْهِ وَمَثَلُهُ فِي الْأَنْجِيلِ كَرَعَ أَخْرَجَ

سَطْهَ، فَفَازَهُ، فَاسْتَغْلَظَ فَاسْتَوَى عَلَى سُوقِهِ، يُعِجِّبُ الْزُّرَاعَ لِغَيْطِ بَيْمِ الْكَنَّارِ وَعَدَ اللَّهُ الَّذِينَ إِمَّا

وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ مِنْهُمْ مَغْفِرَةً وَأَجْرًا عَظِيمًا ﴿٢٩﴾ سورة الفتح : 29

“Muhammad ergamaa Rabbiiti. Warri isaa wajjinii didoota/kaafiroota irratti jajjaboodha. Jidduu jaraatti (immoo) waliif gara laافتتا. Kan sujuudanuu fi rukuu'a godhan (kan salaatanu) jara agarta. Arjummaa Rabbii jaraa biraa tahee fi jaalala barbaadu. Mallatoon jaraa fuula jaraa keessatti faana sujuudaatiin (beekama). Sun fakkii jaraa Tawraat (kakuu moofaa) keessaati. Fakkiin jaraa Injiil (Wangeela/kakuu haaraa) keessatti (immoo) akka biqilaa dame/adabaasa isaa baafatee isa jabeesse, isa furdise, jirma isaa irratti diriiree omishtoota gammachiisuuti. Akka jaraan didoota dallansiisuuf/aarsuuf (jaraan nabiyyii jabeesse). Jara irraa warra amananii gaggaarii hujjatan Rabbiin dhiifamaa fi galata guddaa wareegee jira.” (al-Fath: 29)

Hadiisa nabiyyii (SAW) keessa Muslimni obboleessa isaa kan Muslimaa hin miidhu, rakkoodhaaf dabarsee hin kenu jechuutu jira. Namni obboleessa isaa beela'aa jiru tokko osoo nyaachisuu fi uffisuu danda'uu dhiise rakkoodhaaf isa kennee jira. Akkasumas namni Mu'mina irraa rakkoo tokko hiike Rabbiin rakkoo guyyaa qiyaamaa isa irraa hiika jechuun gabaafamee jira. Obboleeyyan akka harkaati; tokko tokko dhiqa. Mu'mintooni wal-jalalaa fi wal-mararfachuu keessatti akka qaama tokkooti.

Hiikni wal-gargaaruu kan **shari'a** immoo: sabni/hawaasni tokko garee isaa gargaaruudhaan dhaabbachuu, tokko tokkoon hawaasaa dirqama hawaasummaa qabaachuu beekuu fi ofiifis haqa hawaasa iraa qabaachuu beekuu jechuudha. Wal-gargaaruun

hawaasummaa wabii fi nageenya hawaasummaa, akkasumas gargaarsa hawaasummaa of keessatti qabata. Haalla addaan kan dhuunfaa ykn kan gamtaatiin walitti hidhata qaba.

## (2) Wal-Gargaaruu Hawaasummaa Diinagdee

**Warra Seeraa Lafaa Hordofanii Biratti:** Hawaasni duraanii karaa uumamaa fi salphaadhaan rakkoo isaan muudatu ture. Hawaasa qonnaan bultootaa keessattis akkanuma. Wal-gargaarsi hawaasa akkasumaan itti fuftee jirti. Yeroowarraqsi industrii eegalu aadaan uumamaa kan wal-gargaaruu kundhaabbatte. Tola oolinsa tola ooltotaatiin rakkoo hiikuun hawaasa mindaa haaraa kan itti gahuun ulfaatu ta'e. Hojjattooni dhaabbata gargaarsa wal-jijiiruu uuman. Garuu rakkoo jaraa dura dhaabbattu cufuu irraa dadhabde. Eeganaa beeksisi addunyaawaa kan mirga dhala namaatiif dubbatu walakkaa jaarraa digdamaa keessatti hundeeffame. Haqa wabii hawaasummaa mirkaneesse. Seerri wabii hawaasummaa ni mul'ate.

Dhaabbanni hojii addunyaa dhaamsa biyyoota sooshaalizimii irraa kan hafe biyyoota hunda biratti fudhatama argate qopheessite. Biyya Sooviyeet Raashiyaa duraanii keessatti seera wabii hawaasummaa jiddu galeessaa kan mootummaan hogganamu hojii irra oolchan. Dhaabbanni sun hunduu karoorri isii qabatamaan hojii irra hin oolle. Hir'inaan kan guutamteedha. Akkuma beekamu wal-gargaaruun hawaasummaa hawaasa warra seera warra lafaa hordofu biratti kan inni eegale rakko hawaasa Kaappitaalizimii fi Sooshaalizimii hordofee dhufef deebii kennuufi.

### **(3) Wal-Danda'iinsa Hawaasummaa Biyya**

**Islaamaa Keessatti:** Bu'urri biyyi sun irra dhaabbatte hanga namaaf gahu (*haddu al-kifaayah*) dhugaadhaan tokko tokkoon Muslimatiif ilaaluudha. Nabiyyiin (SAW) jalqaba bara nabiyummaa irraa eegalani bu'uura yaada obbolummaa hojii irra oolchanii jiran. Obbolummaan sun jabaattee sadarkaa lubbuu ofii bira dabarsanii waliif kennuu bira geese. Nabiyyiin (SAW) wal-gargaaruu jaraatiif warra ashaa'iraa faarsan. Hawaasni Islaamaa jalqaba Islaamummaa keessatti raayyaa diina dura dhaabbachuuf duuluu fi yeroo beelaa kan akka bara *Al-Ramaad* jedhamuun beekamuu keessatti wal-gargaaruu baratan. Toofaan wal-gargaarsaa biyyaa biyyatti wal-dhaba. Wal-gargaarsi sun Muslima hin ta'in kan nageenyi jaraa eegameefii biyyoota Muslimaa keessa jiraatan (*ahla azzimmah*) of keessatti hammata.

### **(4) Jijiirama Wal-Gargaaruun Hawaasummaa**

**Sadarkaa Si'aa'inaa Irratti Qabu:** Wal-Gargaaruun hawaasummaa sadarkaa si'aa'Ina diinagdee irratti nama gargaara, haala isaaf mijjeessa jennee dabarsine. Qabeenya guddinaaf oolu kan rakkoo akka tasaa mudatu dura dhaabbatu argamsiisuu irratti nama gargaara. Wantoota barbaachisan argamsiisuu irratti nama gargaara. Nama liqii qabu kan kafaluu hin dandeenye irraa kafala. Liqii kanas kan sababa rakko balaa walii gala ykn rakkoo nama dhuunfaa kan madda galii hin qabneetiif kan fudhatame ta'uu danda'a.

Wal-gargaarasi hawaasummaa diina, liqii fi rakkoo dura dhaabbachuuf nama gargaara. Qabeenya humna namaa tolchuu fi nama liqii qabu irraa baasuu, diinagdee fi amala isaa tolchuu

keessatti qooda fudhata. Qabeenya hanga namaaf gahu hawaasaaf mirkaneessa.

Zakaan wal-gargaaruu hawaasummaa mirkaneessuu keessatti shoora guddaa taphata. Zakaan dhaabbata jalqaba wal-gargaaruu hawaasummaa mirkaneessuuf hundeffamteedha. Keessattuu hiyyeeyyii fi warra liqii (*daynii*) qabaniif. Akkasumas zakaan jidduu biyyoota Islaamaatti wal-gargaaruu mirkaneessuu keessattis shoora guddaa taphatti.

**Faaruun kan Rabbii faaruu isaatiin gaggaariin galma  
geessuuti!**

